



Jijiirama  
hundagaleessaaf  
Odeeffannoo sirri!

Bara 31

Lakk. 13

Amajjii 30 bara 2016

Gatiin qar. 15



Walgahici wayita geggeeffametti

## Humnoonni seeraan ala hidhatanii socho'an gara nagaatti yoo deebi'an balballi mootummaa yoomiyyuu banaadha jedhame

Kutaa qophiitiin

Humnoonni seeraan ala hidhatanii socho'an meeshaa lafa kaa'anii karaa nagaatti yoo deebi'an balballi mootummaa mariif yoomiyyuu banaa

ta'uu himame.

Hojii seera kabachiisuf hojjetamu keessatti humni nagaa barbaadu jiraannaan mari'achuun nagaa buusuuf mootummaan balballisaa banaa

ta'uu Ministerri Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahimad ibsaniiru

Ministerri Muummee Doktar

Gara fuula 14tti

## Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii Naanno Oromiyaa yeroo jalqabaaf hayyama maashina konistiraakshiinii kennuu eegale

Galaanaa Kumarraatiin

Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii Oromiyaa Naannichatti yeroo jalqabaatiif heeyyama maashina Konistiraakshinii kennuu eegaluuusaa ifoomse

Daarektarri Olaanaan Abbaa Taayitichaa Injiinar Naatinaa'el Geetaahun ibsa Dheengadda Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naanno Oromiyaatti miidiyaalef kennaniin akka jedhanitti Abbaan Taayitichaa



aangoo labsii lakkofsa 242'n bara 2014 heeyyama

maashinarootaa kennurratti kennameef bu'uureeffachuu yeroo jalqabaatiif heeyyama kana kennuu eegale jedhan.

Heeyyamni kun kana dura akka biyyaatti Ministeera Magalaatiin kennamaa kan ture yommuu ta'u, bara kana Naanno Oromiyattis kenamuu akka eegale dubbatatniiru.

Heeyyama kana naannichatti kennun kan barbaachiseefis h o j i i n investmantii Gara fuula 14tti

## Inisheetivonni misooma muduraa galmaawan misooma baadiyyaa Milkeessaa jiraachuun ibsame

Hizqi'eel Tashoomaatiin

Inisheetivonni misooma muduraa galmaawan misooma baadiyyaa milkeessaa jiraachuun Biiron Qonnaa Oromiyaa beeksiseera.

Inisheetivonni misooma muduraa, nyaata madaalawwaa argamsiisaan kan jiru, qophii biqiltuu irraa eegalee carraa hojii kan uumee, gosa al ergii kan dabalefi oomisha alaa galan bakka bu'un galmaawan misooma baadiyyaan qabaman milkeessaa kan jiru akka ta'e Biiron Qonnaa



ibseera.

Biirichatti Hogganaa Itti Aanaafi Itti gaafatamaan Damee Misooma Buna, Muduraa, Shaayeefi Mi'eessitu Obbo Mahamadsaani Amiin akka

ibsanitti, damee misooma muduraa kanaan dura dagatamee ture, haala qilleensaa mijataafi carraawwan gaarii Naanno Oromiyaa qabdu fayyadamun imala Gara fuula 14tti

Magaalaa Walisootti piroojeektoonni misoomaa garaagaraa qar. mil. 94'n hojjetamaa jiru

W. K. Magaalichaatiin

Bulchiinsa Magaalaa Walisootti piroojeektoonni misoomaa gosa garaa garaa rakkoo hawaasaa furan 18 qarshii miliyoona 94 hojjetamaa jiraachuun bulchiinsi magaalicha beeksiseera.

Kantiibaan Magaalaa Obbo Daanyaachoo Tashoomaa, hojileen misoomaa kanneen akka daandii keessa keessaa, paarkii liiban, riqicha, kilaastara misooma beeyladaafi bo'oowwan lolaa dablatee piroojeektoonni gosa garaagaraa fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessan hojjatamaa jiraachuun dubbataniiru.

Piroojeektoonni hojjatamaa jiran kunis ariitiifi qulqullina barbaachisuun hojjetamuun tajaajila yaadameef akka oolaniif xiyyeefanno hojjatamaa jiraachuus himaniiru.

Qindeessaa Garee Bu'uura Misoomaafi Fooyya'iinsaa Mana Qopheessa Magaalaa Waliso Obbo Yirgaalam Tsaggaayee gamasaaniin, magaalichatti piroojeektoonni hojjetamaa jiran kunneen hojii dhabeeyyii kuma 3 caalaniif carraa hojii uumuu dubbataniiru.



## Xalayoota jaalalaa osoo hin qaqqabiin hafan

Xalayaan jaalalaa waggoota 250 dura ergame yeroo jalqabaaf baname. Xalayaan kun loltoota Faransaayiif ergamanii humna galaanaa Biriteeniin qabamanii kan turanidha. Xalayaan kun bara 1757-58 giddutti kan barreeffaman yoo tahu, loltoota doonii waraanaa Faransaayirra jiraniif jaalalleesaaniirraa kan ergamaniiif ture. Garuu osoo isaan hin qaqqabiin hafe. Namni xalayaa kanniin argatan Piroofeesar Renoo Morii xalayoonni kun "Muuxannoo ilmaan namaan addunyaaati," jedhan. Waraanni waggaa torbaa gara caalu Biriteenifi Faransaayi jiddutti kan raawwate yommuu tahu, kaayyoonsaas Ameerikaa Kaabaafi Indiyaa to'achuuf jecha ture. Waraanni kun waliigaltee Paaris jedhamuun kan goolabame. Yunaaytid Kiingidem kanarraa bu'a guddoo argatte. Barsiisaan Yuunivarsiitii Kaambirrij Piroofeesar Morii xalayaawwan 104 kuusaa biyyaalessaa 'Kew' keessaan barbaadanii baasan. Xalayaawwan kun namoota doonii 'Galatee' irra jiraniif kan barreeffame yoo tahu, namoota sana gahuuf hangam dhiyaatanii akka turan yaaduun nama dhukkubsa jedhu.

Bulchiinsi poostaa Faransaay buufata adda addaa biyyattii keessa jiranitti geessuun xalayaawwan kanniin bakka yaadame qaqqabsiisuu yaalanis odoo hin milka'iin hafan. Dooniin Galatee wayita Bordooraa Kuwibeekitti imaltu, humnoota Biriteeniiin bara 1758tti qabamte. Aanga'oonee Faransaay doonittiin harka Biriteen seenuushee erga hubatanii booda, xalayaalee kanniin Ingilaanditti ergan. Achiis humnoota galaanaarree biyyattii bira gahan. Isaanis kuusaa keessa galchan. Qondaaloni waraanaa Biriteen xalayaawwan kun gatii waraanaa hin qaban jechuun murteessan. Piroofeesar Morii "Xalayoonni kun



erga barreeffamanii booda namni yeroo jalqabaaf dubbise anadha," jedhu." Kan isaaniif barreeffame bira hin qaqqabne. Baay'ee miira keessan gale." Hayyuun kun qorannoo dabalataa geggeessaniin namoota 181 doonicharra turan hunda adda baasaniiru. Isaan keessaan tokko xalayaa Meerii Duboo jedhamturraa abbaa warraashee Leetenaal Luwii Chaambirelaaniiif kan barreeffame keessatti argama.

Isheen akkas jechuun katabde: "Siif barreessaa halkan guutuu dabarsuu danda'a. Ani haadha warraakee amanamtuu barabaraati. "Halkan gaarii, hiriyyee koo jaallatamaa. Asitti halkan walakkaadha. Yeroon itti boqochuu qabudha." Qorattooni akka jedhanitti, yeros abbaan warraashee eessa akka tureefi dooniin Biriteeniiin to'atamuu quba hin qabdu turte. Xalayaa jaalalaa isheen barreessiteef kana hin argine, ergasiis jarri lamaan ijaan wal hin agarre. Duboo waggaa

ittaanu keessa kaaba Faransaayitti lubbuun dabe. Chaambirelaanis gara Faransaayitti deebi'uun bara 1761 keessa haadha manaa biraa fuudhe. Dubartiin biraa Anne Le Cerf jedhamtu xalayaa abbaa warraashee Jaan Tooppisaantiif barreessiteen: "Hangan harkakoo keessa si galfadhutti obsuu hin danda'u," jette." Xalayaawwan kuniini mudannoofi muuxannoo ilma namaan addunyaa maraati. Waan Faransaay yookiis kanjaarraa 18ffa duwwaa miti," jedhu Pirof Morii."Akkamiin akka rakkoo cimaa jirenya keessatti nu mudatu ittiin dandamannu agarsiisu." Yeroo ammaa Zoomfi WhatsApp qabna. Jaarrraa 18ffa keessa namoonni xalayaa qofa qabu, Tahuus waanti isaan barreessan nu wajjiin baay'ee walfakkaata."

**Madda- BBC**

**Yirsawu Mazgabuu, Waajjira Kominikeeshiinii  
Aanaa Beddelleerraan**

## Obsa qabaachuufi obsa dhabuun maaliifi maali?

Obsi nagaa namaaf harkisa. Obsi dhibnaan immoo nagaa har'aas kan borii dhabu. Obsi waan hundumtuu yeroo booda akka darbu, jijiiramu, dhabamu beekanii obsaan issa caalutti ce'uudha. Obsuun boqonnaa tokkorraa boqonnaa biraatti ce'uuf riqicha. Riqicha obsaan deemanii boqonnaa haaraa eegalu. Boqonnaa haaraa keessa nagaatu jira. Nagaafi obsi wal utubu jechuudha. Obsi nagaa dhala. Nagaan jiruu gaarii dhala. Obsi balaa ykn du'a hambisa. Obsa keessa immoo baratanii darbu. Obsi mana barnootaas ta'a jechuudha. Daqiqaa muraasa obsuu dadhabanii namoonni hedduun yeroo isaan gaabbii umrii guutuu seenan argina. Obsi xiqqoon balaa

guuttaa hambisa. Obsa dhabuun xiqqoonshees balaa guuttaa fida. Obsa booda waan gaariitu jira. Obsuutu furmaata! Inni obse obsee gatii obsasaa nyaata. Inni obsuu dadhabe immoo obsa dhabuudhaan gatii obsa dhabuusaa nyaata. Gatiin obsa dhabuu miidhama. Aarii yeroo muraasaatiin miidhamuufi nama miidhuudha.

Obsuun kaayyoo nama dheeressa. Obsa dhabuun immoo kaayyoo nama gabaabsa. Namni obse fagoo deemee, fagoo dhaala. Inni obsa dhabe immoo fagoo dhiisii asiyuu ni dhaba. Aarii daqiqaa muraasaaf, obsa dhabanii fiiguun gaabbii bara guutuu fida. Obsanii dhaalu osso qabanii, obsa dhabanii dhabu.


Nama obsetu waan haaraa arga. Waan haaraan immoo nagaa qaba. Nagaan immoo akkuma maqaasaa nagaadha. Waan dhufe hundumaa tasgabbiifi obsaan ilaaluun bayeessa. Hamaa fakkaatee gaarii ta'u danda'a. Gaarii fakkaatees hamaa ta'u mala. Suuta obsanii keessasaa ilaalanii gaarii taanaan fudhatu. Hamaa taanaan gadi gatu. Obsaan hundumaa madaalaa malee, obsa dhabdanii hundumaan hin madaalamiinaa.

Kan dubbifnerraan.

**Asmaraa Abdiisaa, Waajjira kominkieeshiinii  
Aanaa Hidhabuu Abooteerraa (Shawaa kaabaa)**

**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**

# Kallacha Oromiyaa



Bara 1986 hundeffame  
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,  
Biirro Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee  
Addunyaa Hayiluu  
Itti aanaa Gulaalaa Muummee  
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii  
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa  
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

## Dubbii Ijoo

### Mootummaan olaantummaa seeraa kabachiisuuf hojii hojjetaa jiru cimsee itti fufa!

**I**aalchi biyyatti keessa akka nagaan hin jirreetti ilaaluufi rogeessuu qaamota finxaaleyyiin afarsamu sirrii miti. Biyya keenya keessatti ayyaanonni uummataa, uummatai miiliyoonaan bahee ayyaaneffatu kan akka masqala, Irreechaa, Cuuphaafi kanneen biroo karaa nagaa biyyatti gaggeeffamuudha. Nageenyi akka hin jirreetti ilaalamu hin qabu. Kana gaafa jedhamu rakkoon hin jiru jechuu miti rakkoon jira, mootummaan rakkoo kana furuuf cichoomaan hojjetaa jira. Tarkaanfii olaantummaa seeraa kabachiisuufis xiyyeffannoo olaanaan hojjetaa jira.

Mootummaan jijiiramaa dirree dimokiraasi bal'isuufi tarkaanfii hedduu fudhateera. Kanneen sababa yaada faallaa mootummaa duraanii qabaniin qofa dhiibaman deebi'anii karaa nagaa yaadasaanii akka tarkaanfachiiisaniif haala mijeesseera. Biyyatti keessatti yaada ofii gurgurachuu qofaan fudhatummaa gonfachuu darbees aangootti dhufuu akka qabaatamu ejjennoo qabatameera. Qaamoleen kamuu biyyatti keessatti aangoos ta'e yaada qaban kan gurgurachuu danda'u afaan qawween osoo hin taane yaadaafi yaada qofaaniidha.

Haata'u malee carraa karaa nagaa qabsaa'uu akka danda'amu mootummaan kaa'eefi heera mootummaa taa'e humnaa meeshaan diiguufi fedhiisaanii isaanii humnaan uummata irratti fe'uu filatan irratti mootummaa tarkaanfii barbaachisu ni fudhata fudhataas jira. Olaantummaa seeraa kabachiisuuf mootummaan wayita hojjetu kana keessatti humni nageenyaaq qophii ta'e yoo jiraate immoo balballi mootummaa banaadha. Mariif nagaaf balballi mootummaa yoomiyuu taanaan banaadha. Sochii mariifi nageenyaa ala taasifamu kamuurrtatti mootummaan tarkaanfii olaantummaa seeraa kabachiisuu ni fudhata, fudhataas jira. Kana immoo irra deddeebisee ibseeras

Qabsoon humnoota farreen nageenyaa taasifamaa jiru kunis qabsoo kaayyoon wixinaa'e osoo hin taane sochii hannaafi saamichaaf taasifamuudha. Akka madda hojii ykn tooftaa saamichaati. nama ukkaamsanii maallaqa gaafachuun akka tooftaa hojiitti ilaalamaa jira. Kunimmoo kan baasu miti. Waan ta'ee dargaggootaaf carraa hojii bal'aa uumuun akka baattoo finxaaleyyii kanaa hin taane taasisuu barbaachisaadha.

Gama biraan ilaalchi gootummaan qawwee baachuun qofatti ilaalamu sirrii miti goota ta'uun misoomaan ni danda'ama, qulqullinan naannoo eeguun araarsuufi yaada araaraa burqisiisuun goota ta'uun ni danda'ama. Walumaagalatti biyyaafi lammileef waan faayidaa waaraa qabu hojjechuun gootummaa qabaachuun ni danda'ama. Kanaan ala gocha badiif meeshaa baachuun gootummaa miti waan ta'eef kana sirreessuu barbaachisaadha fedhiin aango meeshaafi humnaan milkeessuu waan hin dandeenyeef.

Kanneen kaayyoo qabsoo qaban waliin immoo karaa nagaafi nagaan mariyachuu waliigaltee ilaafi ilaameen ilaaluun murteessaadha. Kanaan ala kanneen karaa humnaan kaayyoo isaanii milkeessuu barbaadan irratti mootummaan tarkaanfii olaantummaa seeraa kabachiisuu cimsee fudhata, harka keessan dachaafadhaa taa'aa dhimma jedhuun mootummaan walii hin galu hin fudhatu hin godhus. Mootummaan mootummaadha waanta'eef olaantummaa seeraa kabachiisuuf cichee hojjetaa dirqamaafi gahee isaati.



**Qonnaan  
bultoonni  
teeknoolojii  
baayoo  
gaaziirraa  
fayyadamoo  
ta'aa jiru  
jedhame**


**Waajjira Kominikeeshiniin Aanichaatiin**

Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Abbichuufi Nya'aatti qonnaan bultoonni teeknoolojii baayoo gaaziirraa fayyadamoo ta'aa jiraachuu Waajjirri Misooma Qabeenya Bishaaniifi Inarjii aanichaa beeksiiseera.

Itti gaafatamaa Waajjira Misooma Qabeenya Bishaaniifi Inarjii Aanaa Abbichuufi Nya'aa Obbo Gabrayyas Geetuu aanichatti bara kana bajataa mootummaafi hirmaannaa hawaasaa qarshii miiliyoona 5 baayoo baaziin hojjetamerra qonnaan bultoonni fayyadamaa ta'aa jiraachuu dubbataniiru.

Aanichatti qonnaan bultoonni 350 ta'aan fayyadoota teeknoolojii baayoo gaazii ta'uun eeranii, kompoostiin baayoo baazii kanaanis lafti heektaarr 200 kan misoomaa jiraachuu himaniiru.

Qonnaan bultoonni aanichaa teeknoolojii Baayoo Gaazii kanarra fayyadamoo ta'aa jiranis yaada kennaniin, teeknoolojiin kun yeroosaanii qusachuun oomishaafi oomishitummaasaanii dabaluurra darbee fayyumaasaanii eeguufis shoora olaanaa akka qabu dubbataniiru.



# Beeksisa

## Arsii

Baankiin Siinkee W.A Qabeenya armaan gadii bu'ura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya'etti) kennameefiin gurguruu barbaada

| T.L | Maqaa Liqeefataa      | Maqaa Nama qabeenya qabsiisee | Damee Liquesse | Teessoo Qabeeyaa Caalbaasiif dhiyatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal'ina Lafichaa |  |              |  | Ka'uumsa<br>Caaabasiif<br>Qarshiidhaan | Yeroo Caalbaasiin itti<br>gaggeeffamu | Marsaa Caalbaasi ba'e         |                   |
|-----|-----------------------|-------------------------------|----------------|--|--|--------------|--|--|---------------------------------------|-------------------------------|-------------------|
|     |                       |                               |                | Qabeenya Caalbaasiif dhiyate   | Magaala/Kutaa Magaalaa/Aanaa/<br>Gandaa/Lakk.Manaa | Lakk.Kaartaa | Bal'ina fi Sadarkaa<br>Lafichaa                                      |  | Guyyaa                                |                               |                   |
| I   | Dr.Dafaa Huseen Kisaa | Dr.Dafaa Huseen Kisaa         | Utaa Waayyuu   | Manaa Jireenyaa  | Magaala Shaashamannee Di/Boqee                     | 10867        | Bal'inni lafaa 500m <sup>2</sup> ,<br>Sad.Lafichaa 2 <sup>flas</sup> | 3,761,719.9                            | 3/7/2016                              | Waaree dura<br>Sa'a 4:00-6:00 | 2 <sup>flas</sup> |

Dambiiwwan Caalbaasii:

- 1) Dorgomaan ykn bukka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'uumsaa Caalbaasicha 1/4<sup>flas</sup> Ajaja Baankii /C.P. O/ dhaan mirkanaa'e qofa qabsiisuun galmaa'un dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasicha mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee kan hin xumurre yoo ta'e, Qarshii qabsiise Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun umamuuif ittigaafatamaa ta'a. Dorgomtoota Caalbaasicha mo'atamaniif Ajaja Baankii /C.P.O'n qabsiisan guyyaadhumaa sana deebi'aaf.
- 2) Caalbaasii irratti argamuun kan danda'u dorgomaa, liqeefataa fi qabsiisa qabeenya ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.
- 3) Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyonni kanneen argamanitti ta'a.
- 4) Kaffaltii Liizii fi kanneen biroo bitataan bu'uura seeraatiin akka

Obbo Damisee Dhaqqabaa Magaalaa Asallaa ganda 07 keessatti iddoor mana jirenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 197/1272/80 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Abdulwahaab Huseen Magaalaa Asallaa ganda 11 keessatti iddoor mana jirenyaa mirkinaa'eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 15537/226/99 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta'uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Abdurhamaan Hajii Kaartaa mana magaazanaa waraqaan ragaa Abbaa qabeenyummaa (saayiti) harka isaanii jiru Lakk.Kaartaa isaa 1093/2011 ta'e Magaalaa Boqqojjii ganda 01 keessatti galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Boqqojjii.

### Aadde Sintaayyoo Salamoon Ayyalaatiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Waldaa Aksiyonaa Liqifi Qusannaa Buusaa Gonofaa Birkii fi Himatantuun isin jidduu falmii maallaqa waliigaltee liqii jiru ilaachisee Himatantuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii kenuufi sababa isin falmisiisu yoo qabaattan guyyaa himanni kun isin qaqqabee kaasee guyyaa 10keessatti dhiyaattanii hayyamsiisa akka gaafattani ibsa, yoo deebii keessan dhiyeefachuu baattan bakka isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta'uun beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'aatii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/O/G/ Arsii.

#### Obbo Bashiir Nageessoootiif

#### Bakka Jirtanitti

Himattuun Aadde Makkidaa Kadiriifi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 14/06/2016 sa'aatii 3:30irratti akka dhiyaattanii falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'uun manni murtii ajajeera.M/M/ Shari'aa A/Leemuufi Bilbiloo.

#### Baale

Obbo Abdulgaffaar Qaasiim Abdulqaadir lafa mana jirenyaa Galataa galmeen G-1318 ta'e haftee kaartaa mana jirenyaa lakk. isaa 902/2002 magaalaa Roobee ganda Caffee Doonsaa keessatti maqaasaaniitiin galmaa'ee jiruu hafteen isaa mana galmee keessaa yeroof waan dhabameef namni ykn qaamni ragaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine galmeen yeroofii banameefii tajaajilli barbaadamu kan kennamuuf ta'uun ni beeksifna. Waajjira Lafaa B/Magaalaa Roobee

kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/mo'ataan battala Caalbaasii mo'atee qabee kan kaffaluuf ta'a.

5) Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreeffama Hundeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu'insa seeraa qabatee dhiyaachuu qaba.

6) Baankichi karaa mijawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen osoo hin gaggeessin haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.

7) Namni qabeenyota Caalbaasiif dhiyaatan kanneen illaaluu barbaadu, Damee liqeessaa beellama qabsiifachuun ilaaluu ni danda'a. Odeeffannoo dabalataaf: - Lakkofsa bilbilaa Baankii Siinkee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-557-6016), Damee Utaa Waayyuu (0461103696), ta'e irratti bilbiluun gaafachuu ni danda'a.

### Baankii Siinkee W.A

Iyyatooni Aadde Sarkee Axilee ,Obbo Andu'aal Axilee,Aadde Baayyush Axilee fi Minilk Axilee mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 500M<sup>2</sup> irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Aadde Alam Axiletti waan gurguratanii, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu,yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Warqee Yusuuf mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 200M<sup>2</sup> irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Tarfaa Gulteetti waan gurguratanii, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Yikkamaachuu Nagaasee mana jirenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali'inni lafa isaa 304M<sup>2</sup> irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu karaa Bakka Bu'aan isaanii Obbo Kasaahuun Araddootiin Aadde Yashiimmabeet Shaawulitti waan gurguratanii, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Aadde Abbabech Heeyyi mana jirenyaa Magaalaa Gooroo Ganda 01 keessatti bali'inni lafa isaa 792M<sup>2</sup> irratti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu irraa hirisani 360M<sup>2</sup> ta'e Lamlam Maabiraateetti waan gurguraniif gurgurtaan kun nuuf haa mirkanaa'u jedhanii iyyataniiru.kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahe bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta'uun ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.



# Aadaa

Oliifan Raggaasaa

## Adeemsa tumaa seera Gadaa Aanaa Liiban Jaawwiitti

**S**eara Gadaa keessatti tumaan bakka guddaa qaba. Tumaa Gadaa kana kan tumu Guula. Kan tumamu immoo seera, heera, akkaataa biyyi ittiin buluu wal bulchudha. Tumaa seera Gadaa kana keessatti dhimmooni siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa xiyyeffannoo guddaa argatanii ilaalamu. Biiron Aadaafi Turiizimii Oromiyaa kitaaba Seenaa Oromoo hanga Jaarrraa 20<sup>fhaa</sup> jedhu keessatti waa'ee Tumaa akkana jechuun barreesseera. "Oromo ummata jaarraa hedduu dura heeraafi seera ofisaatiif tumatee ittiin of bulchaa turedha. Oromo jireenyasaa kan bara dheraa keessatti heeraafi seera mataasaa qabaachuun beekama. Heeraafi seera kanas akka aadaafi fedhiisaatti hayyootasaatiin tumataa ture. Qabeentaan heera Gadaa jirenya ummataa kallattii adda addatiin kan yaada keessa galche seera ifa ta'e kan hammateefi adeemsi tumasaas dimookiraatawaa kan ta'edha" jechuun ibsa.

Ginbaar Nagaraa kitaabasaanii "Seenaa Abishee Garbaa" jedhuu keessatti "Ummanni Oromoo jaarraa dheeraaf bulchiinsa sirna Gadaatiin bulee wal bulchaa ture, seeraafi tumaan Gadaa bulchiinsa seeraan kan ol-aantummaa ummataan durfamuufi abboomamudha. Seerri Gadaa bulchiinsa seeranii yookan ummataati. Warri bulchu dura ofi ittiin bulee/abboomamee booda ummaticha ittiin bulcha/abbooma" jedha.

Sirna Gadaa keessatti miseensi baallii Gadaa fudhatu waan hoijetu hundaa akkaataa Tumaa tumame sanatti malee Tumaa Gadaa kanaa ala bahuun hin danda'amu. Tumaa Gadaa tumamu kunis seera mataasaa qaba. Akkaataan Tumaa Gadaa kana itti tuman iddoodhaa iddootti garaagaummaa qabaachuu danda'a. Akka Godina Shawaa Lixaa Aanaa Liiban Jaawwiitti adeemsi Tumaa ittiin raawwatumu kan armaan gadiiti. Tumaa Gadaa kana yeroo tuman Abbootiin Gadaa wal jalaa qabuudhan akkana jedhu.

Tumaa kan tumu-----Kan jalaa qabu  
Yaa Waaqa nagaan nu bulchitee galata-galata  
Nagaan nu oolchitee-galata  
Bokkuun Cittuu qananiidha -haa ta'u  
Laaftoon Qumbii qananiidha -haa ta'u  
Odaan Bisil qananiidha -haa ta'u  
Ilmi abbaaf qananiidha-haa ta'u  
Dallaan qananiidha-haa ta'u  
Inni dallaa qananiidha -haa ta'u  
Teessumni madabarratti qananiidha-haa ta'u  
Gammoojiidhaa gaangeetu qananiidha-haa ta'u  
Baddaadhaa Sooddo warqeetu qananiidha-haa ta'u  
Qalaamaa Fardaatu qananiidha-haa ta'u  
Anaafi atuu qananiidha-haa ta'u  
Qananii Waaqaa murree-haa ta'u  
Mee yaa waaq nu qananiisii- haa ta'u jedhu.

### Inni kan biraajalaa qabuun

Mee akkana jedhimee -haa ta'u  
Luka godhadhu -haa ta'u  
Akka ati dhufte tolaan biyya haa dhufu-haa ta'u  
Hallayyaan dibbee haa ta'u-haa ta'u  
Didibbeen dhugaa haa ta'u-haa ta'u  
Booruun marga haa ta'u-haa ta'u  
Dhulaandhulli marga haa ta'u-haa ta'u  
Dhugee haa maddisu-haa ta'u  
Dheedee haa barbadeessu-haa ta'u  
Warri Gadaa -haa ta'u  
Bara kana muratanii uratanii-haa ta'u



Ginna guyyaa shan ciisanii -haa ta'u  
Injiraan isaan nyaatee -haa ta'u  
Qoonqoon isaan qabee -haa ta'u  
Biyyaaf jecha-haa ta'u  
Dhugaan kan biyyaati-haa ta'u  
Amma immoo dhugoo baafachuudhaaf-haa ta'u  
Kuula kaawwachuudhaaf -haa ta'u  
Waraana nutti kennanii -haa ta'u  
Hanga isaan safuu eeganitti-haa ta'u  
Isaaniif jennee guyyaa shan ciifne-haa ta'u  
Ga'ee jibichi hin tumamnee-haa ta'u  
Hin fuusine/ hin heerumsiisnee-haa ta'u  
Amma immoo Ginna ciisanii -haa ta'u  
Waan ka'aniif jarri kun -haa ta'u  
Bara baranaa waraanni -haa ta'u  
Biyya keenyarraa ni fagaata -haa ta'u  
Beelli biyya keenyarraa ni fagaata-haa ta'u  
Deegni biyya keenyarraa ni fagaata -haa ta'u  
Badhaadhinni akka nuuf dhiyaatu -haa ta'u  
Waraana nuuf tumaa jedhanii-haa ta'u

Biyyaafis tumaa tumaa jedhanii-haa ta'u  
Seera alanga magaalaa-haa ta'u  
Seera guula lamaanii-haa ta'u  
Seera jilba arfanii -haa ta'u  
Seera bokkuu cittuu -haa ta'u  
Seera Bokkuu incinnii-haa ta'u  
Seera Odaa Bisil -haa ta'u  
Waraana nutti kennanii -haa ta'u  
Fardi kola'u haa hoofkalu-haa ta'u  
Intalli heerumtu haa hoofkaltu -haa ta'u  
Ilmi fuudhu haa hoofkalu -haa ta'u  
Waraana kana ciibsinee -haa ta'u  
Tumaa tumee haa ta'u  
Isaanis immoo har'aa ka'anii-haa ta'u  
Dhugoo gurraa baafataniii-haa ta'u  
Kuulli gurra ga'ee-haa ta'u  
Gurra dubartii ga'ee -haa ta'u  
Dhugaan arraba ga'ee-haa ta'u  
Alangaansaanii milkiidhaa-haa ta'u  
Eebbisaan hin balleessu -haa ta'u  
Kan isaan bara kana keessa -haa ta'u  
Itti rifataniis milkii ta'aafi -haa ta'u  
Badi jedhee -haa ta'u  
Abbaan Gadaa nama hin abaaru -haa ta'u  
Abbaan Gadaa nama ebbisa-haa ta'u  
Eebbisaanii milkiidha-haa ta'u jedhu.  
**Inni Tokko jalaa qabee mee akkana jedhimee jedha**  
Koottu-dhufe  
Akka ati dhufte tolaan haa dhufu-haa ta'u  
Dhugoo gurraa baafataniii-haa ta'u  
Booruun gabbina haa ta'u-haa ta'u  
Dheedee haa barbadeessu -haa ta'u  
Barbadaan sifa haa ta'u-haa ta'u  
Hallayyaan didibbee haa ta'u-haa ta'u  
Egaa warri Gadaa har'aa qabee-haa ta'u  
Seera Gadaa shanani -haa ta'u  
Seera Bokkuu cittuu -haa ta'u  
Uratanii muratanii -haa ta'u  
Seera dhugaa ganamaatii -haa ta'u  
Dhugoon gurra ga'ee -haa ta'u  
Qarabaan Gudeeda ga'ee-haa ta'u  
Boraatii bantii ga'ee -haa ta'u  
Har'aa qabee -haa ta'u  
Seera Gadaa shananiin hoofkolanii -haa ta'u  
Fardii ni kola'a-haa ta'u  
Kormi ni tumama-haa ta'u  
Ilmi fuudhe ni hoofkala-haa ta'u  
Intalli heerumte ni hoofkalti-haa ta'u  
Kana keessa gufuun hin jiru-haa ta'u  
Kana keessa gufaanni hin jiru-haa ta'u  
Jarri kun har'aa ka'ee-haa ta'u  
Alangaansaanii hoofkaltii-haa ta'u  
Qe'eesaaniitti yoo rifatanuu hoofkaltiidiha -haa ta'u  
Daa'imasaaniitti yoo rifatanuu hoofkaltiidiha-haa ta'u  
Seera Gadaa shanani-haa ta'u  
Seera Bokkuu cittuu-haa ta'u

Gara fuula 19tti

Obbo Muzayaan Hasaan Magaalaa Gindhiir keessa kan ta'an Nagahee Mirriittii Lafaa mana jirenyaa Lakk.isaa 0547456 ta'e maqaa kootiin galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef kan biraakka akka naaf kennname jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraakka bu'ee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Obbo Ayyub Amaan Biiftuu mana jirenyaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 148/2013 ta'eefi Lakk. Seerii 0487640 ta'e bali'inni lafa isaa 250M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Abdurahmaan Musxafaa Goobeetti gurguratanii jijiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijiirraan maqaa kun kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

Obbo H/Qaadii Qaasim Magaalaa Gindhiir ganda Ejersa Waarii keessa kan ta'an Saayit Pilaanii mana jirenyaa Lakk.isaa 50/2007 ta'ee maqaa kootiin galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef kan biraakka akka naaf kennname jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraakka bu'ee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Gindhiir.

Aadde Abbabech Bayyanaa Dabalaa Magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 2012/2016 ta'eefi Lakk. Seerii 0545385 ta'e bali'inni lafa isaa 500M<sup>2</sup> qaban irraa kaaree meetira 300M<sup>2</sup> Aadde Walalaa Balaachottti gurguratanii jijiirraan maqaa akka raawwatuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijiirraan maqaa kun kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Magaalaa Alii.

## Buunnoo Beddellee

Obbo Mahaammad Yasuuf Amdee mana jirenyaa Magaalaa Qumbaabee ganda 01keessaatti qabeenyaa hin sochoone maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru Lakk.kaartaa isaa 00125 ta'e Aadde Mahibubba Sayiditti gurgurachuu barbaada jedhanii iyyataniiru. kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegale guyyaa 20keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan gaafachaa,yoo hin dhiyaanne ta'e gurgurtaa mana kun kan rawwannuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafa Aanaa Cooraa.

Obbo Siraaj Shamusuu mana jirenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa B-L 2290/2004 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Aadde Asrasaash Mabiraatetti waan gurguratanif jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatuuf jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne ta'e jijiirraan maqaa kanaa kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Beddellee.

Aadde Baayyuush Kabbadaa qabeenyaa hin sochoone mana Aanaa Gachii ganda 01 keessatti argamu Lakk. kaartaa MML-0363/2015Aadde Ababaa Abdulqaadiriitiif quodduuf iyyataniiru waan ta'eef kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne quoddaan kun kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Aanaa Gachii.

## Gujii

### Caalbaasii

R/Himataan Nageessaa Waaccuufi R/Himatamaa Haajii Hasan Jiloo jidduu falmii raawwii Murtii jiru ilaachisee sababa raawwii murtii kanaaf qabeenyaa murtii abbaa idaa obbo Haajii Hasan Jiloo kan ta'e Mana Jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo Bulchiinsa Ganda Dhugoo Awaxaa keessatti lafa kaaree meetira 200 irratti argamu ka'umsaa caalbaasii qarshii 950,000tiin gaafa 21/06/2016 sa'aati 3:00 - 6:30tti iddo qabeenyaa kun argamutti caalbaasiin akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachu barbaaddan iddo, sa'aati fi guyyaa jedhametti dhiyaatanii bitachu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera.M/ M/O/Godina Gujii.

Obbo Ascanaaqji Taamiruu Mangashaa mana jirenyaa Lakk.isaa Aw/GOD/075/005 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Odoo Doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7320/2015 ta'e Obbo Fooziyyaa Maaaruuf Aliitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Obbo Wogee Hayiluu mana daldala Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Galataa Gammachuutti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Mi'eessaa Bukkee mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Baantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Bakka bu'umaadhaan Obbo Kabbadaa Dirribaa Dabarsanii Obbo Xibabuu Jabbessaatti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Sisaay Mangistuu mana daldala Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 230M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Tasfaayee Salamoonitti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Wogee Kabbadee mana daldala Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 300M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Alamuu Magarsaatti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Latashee Laqoo mana daldala Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 28.08M<sup>2</sup> irratti argamu Aaddee Amalaworqii Yittaayyootti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Balaay Xilaahuun mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 236.5M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Mangistuu Bayyaneetti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Obbo Dimbaruu Taaddasee mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 384M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Mossuu Kokobutti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde MiireetGammadaa mana jirenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Baantii Arbaa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee argamu bali'inni lafa isaa 400M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Kottolaa Bulukiseetti gurguree jira jedhanii. Kanaafuu Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo.

Aadde Alammesh Taafffasaa Zawudee mana jirenyaa Lakk.isaa AW/LD/119/02 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Laga Duufaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 160M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 4024/16 ta'e Obbo Nugusee Diidaa Adulaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Aadde Balaayinash Baqqalaa mana jirenyaa Lakk. isaa B0702 ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda L/Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 239M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk.Kaartaa isaa 7410/15 ta'e Obbo Abdullaahii Mohaammad Ibraahimitti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahe guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesiuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Abeezeerii Lammeessaa mana jirenyaa Lakk. isaa ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) mana Jirenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Oddoo doolaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira  $M^2$  irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7336/15 ta'e Buzaayyoo Baqqalaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

Aadde Zawdituu Lammaa Goobanaa mana jirenyaa Lakk. isaa AW/QE/ ta'e rammaddii tajaajila iddo (zoning) daldalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Wooyuu ganda Qilxaa Eebbaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali'inni isaa kaareemeetira 364.45  $M^2$  irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7804/2016 ta'e Obbo Gaaddisaa Boggaalaa Caakkaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf iyyannoo isaanii dhiyefataniiru. Kanaafuu, jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Wooyuu.

## Harargee

### Caalbaasii

Waajjirri Maallaqaa Godina Harargee Bahaa Meeshaalee Barruu, Qulqullinaa, Elektirooniiksii, Farnicharootaafi Meeshalee adda adaa seektaroota Godinaatiif Caalbaasii ifaatiin dorgomsiisee bituu barbaada. Kanaafuu Dorgomtoonni ulaagaale armaan gadii kana guuttan caalbasicha irratti akka hirmaattan afeeramtanii jirtu.

1. Hayyama daldalaa seera qabeessa dame kanaa kan qabu.
2. Gibira kan kafaleefi hayyama kana haarayoomse.
3. Galmee dhiheessitootaa keessatti kan galmaa'eefi ragaa kan qabu
4. VAT kan galmaa'eefi ragaa dhiheeffachuu kan danda'u
5. Kabachiisa caalbaasii maqaa waajjiraatiin CPO qarshii 100,000 dhiheessuu kan dandana'u.
6. Dorgomtoonni beeksifni sanda caalbaasii kun Gaazeexaan Kallacha Oromiyaa irratti guyyaa maxxanfamee bahe irraa eegalee guyyoota hojii 15f sanda tokkoof maallaqa hin deebine qarshii 300.00 kafaluudhaan yaroo hojii mootummaatti Waajjira Maallaqaa Adeemsaa Bittaafi Bulchiinsa Qabeenyatii bitachuu ni dandeessan.
7. Caalbaasii guyyaa gaazeexaan baheraa guyyaa hojii 16ffaa sa'aatii 3:00 irratti cufamee guyuma sana sa'aatii 3:30tti ni banana.
8. Dorgomtoonni sanda caalbaasii faaynaanshiyaal Orijinalaafi koppii poostaa adda adaatti saamsun dhiheessuu qaban. Dabalataaniis seera qabeessummaan isanii kanitti mirkanaa'u sanada CPO dabalatee poostaa sadaffaan dhiyaachuu qaba.
9. Waajjirichi haalaa afooyya'aa biraa yooa rgate caalbasicha gar-tokkeen yookaan guutummaa guutuutti haqauuf mirgi seeraa kan eegamedha. **Ragaa Dabalataatif Lakkoofsa Bilbilaa 025-666-01-37 Waajjira Maallaqaa Godina Hararagee Bahaa.**

## Iluu Abbaa Boor

Obbo Alamuu Sanbatoo fi Aadde Daashee Abdiisaan mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa Obbo Alamuu Sanbatootiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4530/03/2016 ta'e Lafa bali'inni isaa 270M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 1<sup>ffaa</sup> tajaajila iddo CO ta'e Obbo Waakkennee Alamuu Sanbatootiif kennineeraaf waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Baqaaluu Dammaqaa mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda A/Molee keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 3018/02/2012 ta'e Lafa bali'inni isaa 500M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> tajaajila iddo CO ta'e Aadde Mihireet Hayiluutti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Araggaa Hundee mana jirenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa Dhu/302/2005 kan ta'e Obbo Kindee Yihuneetti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.

Aadde Malkaamu'aa Mitikkuu mana jirenyaa Magaalaa Goree Ganda 02keessatti maqaa isaaniiitiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa WL/4181/M/2016 ta'e bali'ina lafaa 180M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Dassaalenyi Abarraatti waan gurgurataniif ,kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Badiruu Kadiir mana jirenyaa Magaalaa Goree Ganda 03keessatti maqaa isaaniiitiin galmaa'ee argamu Lakk. Kaartaa isaa WL/4013/B/2015 ta'e bali'ina lafaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Toofiq Buseer Nuuritti waan gurgurataniif ,kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Mubareek Sayid mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 02 keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 1013/02/2010 ta'e Lafa bali'inni isaa kaaree meetira 245M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> ta'e tajaajila iddo BA ta'e karaa bakka bu'aa isaanii Obbo Daawit Korsaatiin Aadde Faaxumaa Huseenitti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo.

Obbo Dassaaleny Mangistuufi Gannati Mallasee mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 02 keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 3118/02/2012 ta'e Lafa bali'inni isaa kaaree meetira 200M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> ta'e tajaajila iddo BA ta'e Aadde Warqinesh Makiitii gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Mattuu.

Obbo Habtamuu Birhaanuifi Aadde Almaz Waltajii mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda 01 keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4082/01/1015 ta'e Lafa bali'inni isaa kaaree meetira 200M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> ta'e tajaajila iddo EA ta'e Obbo Kaasahuun Taammiruu Asafaatii gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Dagim Ingidaa mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda --- keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 3519/02/2013 ta'e Lafa bali'inni isaa kaaree meetira 200M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> ta'e tajaajila iddo BA ta'e Obbo Abrahaam Taarraqenyitti gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Aaddee Sakiinaa Mahaammad mana Jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniiitiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4420/01/2016 ta'e Lafa bali'inni isaa kaaree meetira 200M<sup>2</sup> irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddo 2<sup>ffaa</sup> ta'e tajaajila iddo R1 ta'e Obbo Daani'el Taakkalaatiif gurguradheera waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu.

Obbo Tolaa Gamtaa mana jirenyaa Aanaa Hurrummuu zoonii A/borii ganda 01 keessaa maqaa isaaniiitiin galmaa'ee lafa bali'ina isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Girmaa Kaasahuunitiif kenneeraaf waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrummuu.

Aaddee Xayyibaa Aliyyii mana jirenyaa balbala tokko Aanaa Bachoo ganda Bachoo 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 461/2016 bali'ina lafaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Dassaalee Asaffeetti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo.

Obbo Ashannaafii Raggaasaa mana jirenyaa balbala tokko Aanaa Bachoo ganda Bachoo 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 460/2016 bali'ina lafaa 225M<sup>2</sup> irratti argamu Aadde Martuu Araarsaatti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Bachoo.

Aaddee Faaxumaa Hasan mana jirenyaa Magaalaa Yaayyoo ganda 01keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa Dhu/240/2013 kan ta'e Obbo Ijjiguu Mokonoonitti waan gurguraniif, Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo.



# Muuxannoo

Masarat Amanaa

## Pirofeesara yuunivarsiitii sibiila tumu

**A**bbaa ogummaa hedduu ta'uun barbaachisaadha. Beekumsa dandeettiifii qabaachuun abbaa ogummaatiifis ta'e dhaabbata innii keessa hojjetuuf faayidaa qaba. Kunis qaawwaa humna namaa guutuu, hirmaanna garaagaraa taasisuufi bu'aa qabeessummaa dhaabbatichaa cimsuu keessatti gahee mataasaa qabaata.

Hojjetoota ogummaa hedduu qaban qabaachuun oomishtummaa %8tti siqu dabaluu agarsiisa. Kunis dandeettiif hojjettooni taateewwan hojji sana keessatti uumaman kamyuu jechuun ni danda'ama dafanii madaquu danda'uua isaaniiti.

Hojjetaan ogummaa hedduu qabuufi ittiin hojjechuu danda'u hojjetaa idilee caalaa carraa sadarkaa olaanaatti guddachuu ykn gara gita hojji itti gaafatamummaafi dhiibbaa guddaa qabutti jijiiramuu dachaa 7 qaba.

Kanaafidha hojjettooni waggootaaf dhaabbata tokkotti hojjechaa turan hojji hoggansa ykn hojji raawwachiftuu keessatti akka xumuran arguun baay'ee kan barame. Faayidaan isaa gama lamaa dha. Gama tokkoon hojjetaan carraa guddinaa cimaa ta'een dalagaalee adda addaa irraa gatii dhaabbatichaaf gumaachuu kan danda'u yoo ta'u, gama biraatiin ammoo dhaabbatichi adeemsaa qacarrii keessatti yeroo fi maallaqa quidata.

Namootni tokko tokko sababa ogummaa adda addaa qabaniif carraa iddo garaa garaa hojjechuu ni qabu. Kanaanis galii dabalataa nama dhuunfaa ni guddisa addaa hojji garaa garaa waliin akka walaramuufi nama

gargaara. Keessattu abbaa ogummaa hedduu ta'uufi iddo garaagaraa hojjechuun galii dabalataa argachuun murteessaadha.

Haata'u malee akka biyya keenyaatti magaalaa gurguddaa keessatti namootni muraasni ogummaa garaagaan yeroo b o q o n n a a s a a hojjechuu ni malu. Naanno Magaalaa baadiyyaatti hojji idilee cinaatti hojji qonnaafi daldalaa wayita boqonnaa isaanii kanneen hojjetan jiraachuu ni malu. Garuu hedduu beekmaafi irratti hin hojjetamne. Mee muuxannoo Pirofeesara yeroo boqonnaasaa sibiila tumu haa ilaallu.

Pirofeesar Kabiir Abu Bilaal jedhamaa. Namni kun pirofeesaroota yuunivarsiitii Naayijeeriyyaa biroorra nama adda ta'edha.

Kabiir barsiisummaa yuunivarsiitii hojjatuun alattis magaalaa kaaba biyyattii Zariyyaa jedhamutti hojji sibiila tumurratti bobba'era. Naayijeeriyyaa keessatti sibila tumuun ni tuffatama, akka hojji gadaanaatti ilalamas. Pirofeesar Kabiir garuu bakka hojji sibiila



itti hojjatus banatee ifatti erga hojjachuu eegalee bubbuleera. "Pirofeesara ta'u sibiila tumu kootti hin qaana'u," jechuun BBCti hime. "Sirumayyu hojji kanarraan maallaqa dabalataa argataa jira," jechuun hojji tuffachuu akka nama hin baafne himu.

Kabiir nama ganna 50 yoo ta'u, Yunvarsitii Naayijeeriyyaa guddaafi kan maqaan gaarii qaban keessaa tokko kan ta'e, Yunivarsitii Ahimaduu Beeloo jedhamutti barsiisaafi Qindeessaa Qurano Damee Injinariingiiti. Waggoota 18'f yuunivarsiiticha keessa kan hojjate Kabiir kitaabota hedduu elektirikaal injiariingiifi Fiizikiirratti barreessuu maxxansiifateera.

## Dargaggeessa hiyyummaarraa ka'ee yeroo gabaabaa keessatti qabeenya miiliyoona horate

**B**iqilaan Magarsaa Galataa jedhamaa dhalataa Godina Wallagga Lixaa Aanaa Laaloo Assaabii Ganda Harroojjii Agamsaa kanta'ee maatii harka qalleessaarrraa dhalate. Umuriisaa keessatti jiruuf jireenyasaa mo'achuuf carraaqii guddaa nama taasisaa tureefi taasisaa jiruudha.

Dargaggoo Biqilaan umuriinsaa yeroo barnootaaaf ga'ee mana barumsaa naannoosaatti qabsoo jirenyaaaf barbaachisu hundaa hojji guyyaa hojjeteet maallaqa argachuun ofisaatiif maatiisaaf deggersa barbaachisu taasisaa barnootasaas kutaa 1-10 barachuun xumure

Haata'u malee yeroosana qabxii inni argatee barnootaa iftufsiisu waan hindandeenyeef barnootasaas addaan kutee gara Godina Wallagga Lixaa Bulchiinsa Magaalaa Gimbiitti imaluun jiraachuu egale .

Dargaggoo Biqilaan jirenyasaa fooyeffachuuuf rafee kan hinbulle waanta'eef Magaalaa Gimbiitti keessatti abbaa qabeenyaaf qacaramee ji'aan qarshii 340 argachuun hojisaa itti fufee yeroo muraasa hojjechuun mallaqa walitti qabate. Maallaqa walitti qabatee Aanaa Booji Coqorsaa magaalaa muklamiitti galuun waldaan ijaaramee qarshii argate kana waa'llansaa wajjin walitti dabalachuun qarshii 7000 Yeroo sana WLQO (Waldaa Liqii fi Qusannoo Oromiyaa Damee aanichaatti qusachuun liqa qarshii 50,000 argate.

Liqi argatan kanaan Mana hojji mukaa banachuun waldaasaaniitiin fayyadamoo ta'u egalan. Yeroo dheeraa erga hojjetanii booda hojji hojjetan kanaanis fayyadamoo ta'uun liqii liqeefftan kanas ofirraa deebisanii galchuun ofdanda'anii qofa qofaa



hojjetachuu egalan.

Haaluma kanaan Biqilaan hojji hojjeteet maallaqa walitti qabate kanaan qabeenya dhaabbataaf socho'aa horachuun biqiloota gosa garaagaraallee kanneen akka gaattiraa, bargamoofi buna dhaabbachuu fayyadamoo ta'anii jiruuf.

Kana malees hojji hojjetan kanaan mana jirenyaaafi hojji kanaaf mijatu haala gaarii ijaarrataniif meeshaalee hojji mukaaf barbaachisan hundaa guuttachuun yeroo ammaa haala jiruuf jirenyaan sadarkaa gaariirra

kanjiraniidha.

Biqilaan hojji hojjetan kanaan fakkeenyummaa gaarii ta'uurrar darbanii namoota sadii dhaabbiin hojjechiisaa turaanii namoonni kunneenis hojji hojjetanii maallaqa isaan biraa argachaa turan walitti qabaachuu muxannoo hojji isaanirraa horachuun yeroo ammaa irraa adda bahanii ofdanda'uun hojji dhuunfaa isaanii hojjechaa kanjiraniidha.

Kana malees hojji guyyaa hojjetanii maallaqa argachuun danda'an namoota 5f mijeessuu hojjetanii maallaqa argachuun maatii isaanii jiraachifachaa jiru.

Dargaggoon Biqilaan duwwaarraa ka'anii wallaansoo jirenyaa bu'anii ba'anii geggeessaa jiranin yeroo ammaa kappitaalli isaan Ittiin socho'aa jiran tilmaama qarshii miiliyoona 2 ol horatan

Bulchaa Itaanaa Aanicha Obbo Gammachiis Waaqjiraa tattaaffi Obbo Biqilaan jiruuf jirenyaa isaanii mo'achuuf fakkeenyummaa gaarii ta'uun hojjechaa jiraniif galateeffatanii hojji barbaaddonis callisaniif harka nama eeggachuu keessa ba'anii hojji yeroon gaafaturratti waldaan ijaaramnii bobba'uun hojjetanii jiruuf jirenya isaanii kan geeggeeffataniiif tumsa barbaachisu kan taasisan ta'u hubachiisaniiruu.

Ittigaafatamaan Waajjira Carraa Hojji Uumu Obbo Addunyaa Asiraatis akka dubbatanitti fakkenyummaa gaarii qabaachuu hojji jijiiramaa obbo Biqilaan hojjetanii muuxannoo hojji gooduun carraa hojji namootaa 3 isaan biraa hojjechaa turaniif goodanii akka of danda'an taasisaniif galateeffatanii fuula durattis tumsa barbaachisu kangodhaniif ta'u obbo Addunyaan hubachiisaniiruu.

**Maddi:** Waajjira Kominikeeshinii Aanichaatiin



# Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa



## **Dhimmoota dinagdee biyyattiirratti deebiifi ibsa Ministirri Muummee FDRI miseensa Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataaf kennan:**

Gaazexaan Kallacha Oromiyaa fuula dinagdeeshii kanaan yaa'ii Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa yaa'ii idilee 14ffaa bara hojji 3ffaa wagga 6ffaa irratti gaaffilee miseensota mana marichaan dhimmoota dinagdeerratti ka'aniifi deebiifi ibsa Ministirri Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad kennan keessaa muraasaa akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Gaaffiwan miseensonni Mana Maree Bakka Bu'ootan, dhimmoota dinagdee, hawasummaa, nageenyaafi kan biroorratti gaaffiwan dhiyaataniif Ministeerri Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad deebii kennaniiru. Gaaffiwanfi deebii kennaman giddu galeeffachuuun barreefama kanaan dhimmoota dinagdeerratti qindeessun dhiyeessineera.

Galii ilaachisee: Galii biyya keessaan, ji'oota jahan darban keessatti galii biyyalessaa qarshii biiliyoona 265 walitti qabuun danda'ameera jedhan. Kunis karooran wal bira qabamee yoo ilaalamu dhibbantaa 98 ta'a. Haa ta'u malee Itoophiyaan dinagdee waliigalaa biyya keessaarrraa galii hamma isheef malu walitti qabaa hin jirtu jedhan. Galii fooyya'aa walitti qabuuf sirna galii walitti qabuu ammayyeessuun murteessaa akka ta'es yaadachisaniiru.

Oomishtummaa guddisuuq hojji hojjetameen: Bara kana lafti hektaarri biiliyoona sadii ol qotameera, qamadiin kuntaalli miliyooni 120 omishamee jira. Bitaa qamadiif kanaan dura, waggaatti doolara miliyoona 700 hanga 800 bahaa akka ture Ministirri Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimaad deebii miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataaf kennaniin yaadachisaniiru.

Erga qamadii bonaan oomishuun eegalame asitti garuu sharafa alaa bitaa qamadiif hin baasne jedhan. Bara kana Itoophiya keessatti oomishni seenaa keessatti argamee hinbeekne akka argames himanii, fedhii jiruun wal simsiisuuf garuu hojji kan barbaadu akka ta'es yaadachisaniiru. Haa ta'u malee, oomisha argame salphisuuf duulli taasifamu fudhatama hin qabu jedhan.

Carraa hojji uumuufi invastimantii ilaachisee: Ji'oota jahan darbanitti carraan hojji namoota miliyoona tokkoof uumameera. Lammilee kuma 150 oliif carraan hojji biyyoota alaa uumameera. Invastimantota Doolaara biiliyoona 1.5 ol galmeessan hawwachuun danda'ameera.

Investimantota Doolaara biiliyoona 1.5 ol hawwachuun akka danda'amees Ministeerri Muummee Itoophiyaa Dr. Abiyyi Ahimad himaniiru.

Guddina biyyaa ilaachisee: Cabinsi dinagdee biyya keenyaa yeroo dheeraa kan fudhatefi kan dhaalleedha jedhan. Cabinsi dinagdee biyyattis yeroo dheeraa kan lakkofsiisedha. Cabinsa jiru suphuuf mootummaan sababa qoramaatilee uumamaafi nam-tolchee garaa garaa hanga yaadame deemuu baatus hojji hojjetameen jijiirama guddaa fiduun danda'ameera jedhan.

Humna jiru qindeessuun kana caalaa osoo hojjetamee ammoo karaa hiika qabuun dinagdee biyyaa utubuun ni danda'ama jedhan. Keessattuu damee qonnaarratti hojiin baay'ee bu'a qabeessa ta'e hojjetameera. Haaromsi imaammata faayinaansiifi maallaqaas jijiirama guddaa fidaa jiraachuu ubsaniiru. Haa ta'u malee Itoophiyaan biyyoota addunyaa saffisaan guddachaa jiran keessaa tokko ta'uus ubsaniiru. Itoophiyaatti bara kana guddinni dhibbantaa 7.9 ni eegamas jedhan.

Kenninsa liqii ilaachisee: Ji'oota jahan darbanitti qarshii biiliyoona 170 ol liqiin kennameera. Kana keessaa dhibbantaan 83 damee dhuunfaaf kan kennameedha jedhan. Kuufamni baankiis qarshii tiriliyoona 1.2 gaheera. Kunis qaawwa damichaa kan fure akka ta'e Ministeerri Muummee Itoophiyaa Dr. Abiyyi Ahimad himaniiru.

Carraa hojji uumuufi invastimantii ilaachisee: Ji'oota jahan darbanitti carraan hojji namoota miliyoona tokkoof uumameera. Lammilee kuma 150 oliif carraan hojji biyyoota alaa uumameera. Invastimantota Doolaara biiliyoona 1.5 ol galmeessan hawwachuun danda'ameera.

Qaala'iinsi jirenyaa salphisuuf: Qaala'insa hir'isuuf furmaanni waaraan carraan jiru hunda fayyadamuu oomishuudha. Sababni qaala'insa jirenyaa inni guddaa hanga barbaadamu oomishuu dhabuudha jedhan, kana furuuf damee qonnaatiin bu'aan gaariin galmaa'eera, damee qonnaarratti kan amma hojjenne caalaa osoo hojjetamee yoo xiqqaate qala'insa ni fura, gama biroon eeggatummaa jalaa nu baasa jedhan. Qaala'ina gatii furuuf hanga ammaatti karaan itti adeemame fooyya'insa kan fide ta'us, adeemsa

kana boodaan tarkaanfi cimaa yeroo itti fudhatamu akka ta'e himaniiru. Hojiwwan namoota galii gadi aanaa qaban irratti xiyyeffatamee hojjetamaa jiranis babal'achuu qaba jedhan.

Hongeera damdamachiisuu: Honge uumame meeshaa siyaasaa gochuun sirrii miti, Honge waggoota hedduun duras tureera. Akka waan haaraatti kan odeeffamu miti. Kanaafi karaa adda ta'een oomishuu qabna jennee gara oomishaatti kan galleef jedhan, honge mudate akka meeshaa siyaasaatti ilaalamu akka hin qabnes ubsaniiru. Dhimma kana mootummaan hin fidne, kan ta'u qabu wal ta'uun miidhaa lubbuu namarraan akka hin geenyehojechuudha jedhan. Rakkoo honge wal qabatee mudate furuuf, Mootummaan Itoophiyaa miidhamtoota hirphuuf qarshii biiliyoona 14'n deeggareera, namni honge mudateen lubbuun isaa darbes akka hin turre himaniiru.

Ba'aa liqaa (Idaa) hir'isuuf: Idaa hir'isuuf hojji bal'aan hojjetamaa akka ture MM Dr. Abiyyi Ahimaad yaadachisaniiru. Bu'aa mootummaan jijiiramaa galmeesse keessaa tokko ba'a liqaa hir'isuurratti hojji hojjetameedha. Mootummaan waggoota 5n darban keessatti liqii alaa tokkollee hin fudhanne. Faallaa kanaatiin bara 2011 hanga 2015 giddutti Itoophiyaan Doolaara biiliyoona 9.9 kaffaluu dandeesseetti. Waggoota shan dura ba'aan liqaa biyya alaa, biyyattirra ture oomisha waliigalaa biyyalessaa (GDP) keessaa dhibbantaa 32 kan uwusu yoo ta'u, gara dhibbantaa 17tti gadi bu'eera. Fedhiin jiru garuu gara dhibbantaa 10'tti gadi buusudha jedhan. Ija kanaan yoo ilaalle, Itoophiyaan boondii Yuuroo kaffaluu akka hin dandeenye odeeffannoona naanna'aa tureefi jiru dhugaa irraa kan fagaatedha jedhan.

Biyyi bu'a ida'ama pirojeektootaati. Mootummaan pirojeektoota sirnaan hoogganuu hin dandeenye guddina fiduu hin danda'u. Mootummaan pirojeektoota fayyadamummaa uummataa mirkaneessan hedduu qulqullinaafi ariitiidhaan xumuraa jira. Pirojeektooni xumuramuu isaaniitiin mirqaanuurraa ofqusachuun pirojeektii haaraa ijaaruun guddina biyya keenyaa saffisiisuun dhimma murteessaa akka ta'es Ministeerri Muummee FDRI Dr. Abiyyi Ahimad eeraniiru.

**Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuuqhaaf shoora guddaa qaba!**

## Jimmaa

### Caalbaasii Marsaa 2<sup>ffaa</sup>

Godina Jimmaati Waajjira Maallaqaa A/L/Saqqaa huuccu seeraa dorgomsiisee bituu barbada . kanaafuu dhabbileen hojji kanarratti hirmaataan /bakka bu'insa seera qabeessaa qabdan /fi ulaagaalee armaan gaditti tarreeffaman guuttachuu dandeessan dhiyaattanii dorgomuu dandeessuu .

1. Dhaabata/Walda Dhiyeesa Huccuu irratti heyyama seera qabeessaa kan qabdan
2. Gibira Mootummaa kan bara 2015 kan kaffalee fi heyyama bara 2016 kan haaromfate .
3. Vatii dabalata kan galma'ee ta'e lakk. addaa (tin number) kan qabu ta'ee ragaa isaa kooppii -qabsiisuu kan danda'u.
4. Galmeeffama bittaa motummaa irratti galmaa'uusisaatiif ragaa dhiyeeffachuu kan danda'u
5. Sanada caalbaasiif maallaqa hin deebine qar.100 kaffalee bitachuu kan danda'u.
6. Kabachiisa caalbaasiif qarshii kuma kudhan(10,000) maallaqa ykn CPO qabsisuu/waldaa IMX xalayaa wabummaa qaama jara gurmeesse irraa dhiyeeffachuu kan danda'u.
7. Kabbachiisa walii galtee maallaqa walii galaa keessa %10 (dhibbeentaa kudhaan) mallaqa ykn CPO qabsisuu /waldaa IMX ta'ee xalayaa wabummaa qaama jera gurmeesse irraa dhiyeeffachuu kan danda'u.
8. mehaalee qulquolina qabu yeroodhuma tokkotti guutumaan guutuutti dhiyeessuu kan danda'u
9. Sanada caalbaasii guyyaa 30/05/2016 hanga gaafa guyyaa 20/06/2016 keessatti guyyaa hojji ganama saa'atii 2:30 -6:30 fi waree booda 7:30 -11:30 tti qaamaan dhiyaatee W/ ra Maallaqaa A/L/Saqqaa irraa Bitachuu kan danda'u.
10. Dorgomaan sanada bitatee hanga gaafa guyyaa 20/06/2016 sa'atii 11:00 tti gatii isaa qulquolinaan guutee w/ra Maallaqaa A/L/Saqqaa lakk 9 tti deebisuu qaba.
11. Caalbasichi gaafa guyyaa 21/06/2016 ganama irraa sa'atii 4:00 irratti bakka dorgomtootni/bakka bu'ooni seera qabeessaa / argamanitti w/ra Maallaqaa A/L/Saqqaa tkan banamu yemmuu ta'u dorgomaan argamu hafuun caalbasicha banuu hin dhorkuu.
12. Dorgomaan moo'ate guyyaa mo'achuun isaa ibsame irraa kaasee guyyaa hojji shan (5) keessatti dhiyaatee waliigaltee mallatteessu kan danda'u..
13. dorgomaan meshalee mo'atee dabarfate basii isatiin hanga wajiratti fiduu qaba. W/richi filannoo biroo yoo argate caalbasicha gar-tokkeen ykn gutumaa guutuutti haquuf mirga guutuu qaba.
14. Bakki itti argaminu Finfineerraa kara jimmaan 396 km kara Amboon 296 km **Odeeffannoo dabalataaf lakk.bilbilaa 0474620409 /0474620048 gaafachuu ni danda'ama. Waajjira Maallaqaa A/L/Saqqaa.**

Obbo Adaraa Lameechaa Lakk.kaartaa hin sochoone 1900 tajaajila Mana daldaalaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

She/Jabal Hasan Margaa Lakk. Waliigaltee Liizii 9602 tajaajila Mana jirenyaatiif kan oolu Magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kan duraanii tajaajilaan ala akka ta'etti lakkaa'amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

## Shawaa

### Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaalee Marsaa 2<sup>ffaa</sup> Lakk 001/2016

Wajjiiri Mallaqaa Godina Shawaa Kaabaa Seektaroota Godinichaa jalaa jiraniif bara 2016f Meeshaalee Barrefama, Meeshaalee Elektiroonkiisii, Meeshaalee Qulqulinaa, Gommaa Konkolataa, Meeshaalee Biroo Keessaa, fi Meeshaalee Dhabbi (Furniture) Caalbaasii ifaan bituu barbaada waan ta'eef qaamni ulagaalee dorgomichaa armaan gadiitti jiran guutuu danda'an irraa wal-dorgomsisee bituu barbaada.

#### Ulaagaalee Dorgomichaaf Barbaachiisan

1. Galm'aa VAT kan ta'ee fi Hayyama Daldala kan bara 2016 kan Haaromsee, Taaksii fi Gibira bara 2016 kaffalusa ragaa A/T/Galiiwan irraa dhiyeessuu kan danda'u ,Ragaa TIN (Tax Identification Number/ kan dhiyesuu fi Waraqaa Ragaa Dhiyesummaa Dhiyeeffachuu kan danda'u
2. Dorgomaan Sanada Caalbaasii guuyyaa beeksifni kun Gaazexaadhan bahee eegalee guyyoota hojji 15 (Kudha Shan) keessaatti Qarshii hin deebinee Qar.200/Dhibbaa Lاما/ Kafaludhaan Sanada Caalbasii qophaa'ee Waajjira Mallaqaa Godina Shawaa kaabaa Lakk Biirroo 4ttii dhiyaatee bituu ni danda'a
3. Dorgomaan Kamiyuu Kabachiisa Caalbaasii /CPO/ Qarshii 50,000 (Kuma shantamaa) baankiin mirkana'ee qabsiisuu kan danda'u ta'u qaba.
4. Dorgomtootni Sanadaa Caalbaasicha qophaa'ee guutudhan Orijinalaa fi Kooppii addaan baasuun guyyaa 16ffaa haanga sa'attii 4:30 galchuun samsamame (Cuufamee) Guyyuma sanaa Sa'attii 5:00ttii bakkaa dorgomtootni ykn bakka bu'oonii jiraniitti ni banama. Guyyaa 16ffaa Guyyaa Sanbataa ykn Ayyaana irraa yoo oole guyyaa hojji itti aanutti kan seenu fi banamu ta'e
5. Mo'ataan Caal-baasii Meeshaale mo'atee hundaa hangaa Mana Meeshaa Wajjiira Mallaqaa Godina Shawaa kaabaatti Gattii Gejibaa fesisuu fi busisuu of-danda'e fiduu qabaa
6. Wajjirichi caal-baasicha guutumaan guututti ykn gar-tokke isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegame dha. **Odeeffanoo dabalataaf Lakk Bilbilaa 0111353114 Bilbilaanii ykn dhiyaatanii hubachuu ni dandesuu Waajjira Mallaqaa Godina Shawaa Kaabaa/ Fiichee/**

#### Aadde Tsahaay Yilmaatiif

##### Bakka Jiranitti

Iyyataan Obbo Zagayyee Li'uulsaggadifi waamaamtuu isin jidduu falmii dhaaltummaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 07/06/2016 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

### Beeksisa Caalbaasii Ifaa Gurgurtaa Meeshaalee Tajaajilaan Alaa

Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti Korporeshiniin Misooma Parkiwwan Industirii Oromiyaa Dhabamsiisa Qabeenyaa Tajaajilaan alaa bakka adda addaatti argaman Caalbaasii Ifaadhan dorgomsiisee gurguruu barbaada. Kanaaf, dorgomtoonni caalbaasicha irratti dorgomuu barbaaddan guyyaa beeksifni kun gaazexaa irratti bahee eegalee hanga **18/06/2016 tti** sanada caalbaasii bitachuu kan dandeessan yemmuu ta'u:-

1. Teessoon Korporeshinichaa **Finfinnee Meksiikoo Embaasii Suudaan cinaa** Daarektoreetii Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa tti dhihaachuun **Qarshii 200.00/dhibba lama/kan hin deebine kaffaluun sanadicha bitachuu dandeessu.**
2. Sanada caalbaasii bitachuu kan dandeessan guyyoota hojji yeroo hunda Wiixataa hanga Jimaataa ganama sa'a **2:00- 6:00** fi sa'a booda **7:00—11:00** tti Sambata Duraa (Qidaamee) ganama sa'aa 2:00 – 6:00qofa dha.
3. Haala qabeenyichaa ilaachisee hanga **18/06/2016tti** guyyoota hojji yeroo hunda ganama sa'a **2:00- 6:00** fi sa'a booda **7:00—11:00** tti qofa haala sanada caalbaasii keessatti ibsameen bakka qabeenyichi argamutti dhihaachuun ilaalu ni dandeessu.
4. Dorgomtoonni sanada yaada dorgommii ykn gatii guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyoota hojji walitti aanan hanga **19/06/2016** sa'a **4:30 waaree dura** poostaa (envelop) saamsameen dhiheessanii sanduqa korporeshinichi caalbaasichaaf qopheesse keessa galchuu qabu.
5. Dorgomtoonni **gatii ka'umsa qabeenyaa Sanada** keessatti ibsame keessaa **dhibbeentaa kudhan (10%) kabachiisa caalbaasii C.P.O** baankiin mirkanaa'e qopheessun poostaa gaaffi yaada dorgommii qophaa'e keessa galchuun dhiyeessuu qabu.
6. Caalbasichi **19/06/ 2016tti** Sa'aa **4:30 waaree dura** tti cufamuun guyyuma sana sa'a **4:45 waaree dura** bakka dorgomtoonni ykn bakka buutonni seera qabeessa isaanii argamanitti ifaan ni banama.
7. Manni hojichaa filannoo biroo yoo argate caalbaasicha gar-tokkeen ykn guutummaan guutuutti haquudhaaf mirgi isaa kan eegamedha. Odeeffanoo Dabalataaf Lakk Bilbilaa 0910621314 ykn 0913351239 **Korporeshinii Misooma Parkiwwaan Industirii Oromiyaa Finfinnee**

#### Caalbaasii

R/Himattuun Aadde Salaamaawwit Firdaawwaqi fi R/Himatamtoonni Obbo Buzunaa W/Amaanu'el fa'aa N-2 jidduu falmii raawwachiisa Murtii jiru ilaachisee Mana Jirenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa Aanaa Odoo keessatti Lakk. manaa 181 kan ta'e bali'ina lafaa kaaree meetira 164 irratti maqaa Obbo Buzunaa W/Amaanu'elitii galmaa'ee argamu ka'umsaa caalbaasii qarshii 799,231.4tiin gaafa 30/06/2016 sa'atii 3:00 - 6:30tti bakka manichi argamutti caalbaasii ifa ta'een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka'umsa caalbaasii irraa ¼ CPOdhaan durasa baankiitti qabsiisuudhaan iddo, sa'atii fi guyyaa jedhametti waraqaa eenyummaa qabchuudhaan dhiyaatanii bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera.M/M/A Aanaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa.

Aadde Jamaanash Naga'oo mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Boolee Aanaa Dhakaa Adii keessatti Kaartaa Lakk. isaa BO/dh/Adii 1228/12 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraakaa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraakaa hojjetamee bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Kaamiil Huseen Kifluu Lakk. Nagahee isaa 171578 ta'e galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa(nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

#### Dhaabbata Interpizaayizii Ijaarsa Beellamaatiif Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Taayitaa Daandiiwan Aanaa Iluu Galaaniifi Himatamaa isin jidduu falmii waliigaltee ijaarsa Daandii jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 06/06/2016 sa'atii 4:30irratti deebii keessan barreffamaan qopheeffattanii akka dhiyaattanii falmattan ta'e, yoo kan hin dhiyaanne ta'e dhimmichi bakka isin hin jirretti itti fufee kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Iluu Galaan.

#### Dhaabbata Konistiraakshiinii Tumsaa Itti Gaafatamummaan isaa Murtaa'eetiif Bakka Jirtanitti

Himataan Abbaa Taayitaa Daandiiwan Aanaa Calliyaafi Himatamaa isin jidduu falmii Hariiroo Hawaasaa jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'atii 4:30irratti deebii keessan barreffamaan qopheeffattanii akka dhiyaattanii falmattan ta'e, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti falmiin dhaga'amee murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Sh/Lixa.

#### 1<sup>ffaa</sup> Obbo Tamsgeen Shifarraatiif

#### 2<sup>ffaa</sup> Obbo Ashabbir Shifarraawuutiif

#### 3<sup>ffaa</sup> Obbo Nugus Ibiraahimiitiif

Himataan Dhaabbata Inshuuraansii Itoophiyaa fi Himatamtoota isin jidduu falmii waa'ee waliigaltee ala jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 07/06/2016 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'e, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti falmiin dhaga'amee murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Sh/Lixa.

Obbo Mulugeetaa Kaffiyaalow Taaddasaa Waraqa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa ykn Kaartaa Lakk. isaa L/X/L/D/6469/06 ta'eefi Lakk Iddoo LXR/38/06 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef na jalaa bade jedhanii waan iyyataniif, qaamni ragaa kana arge beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan, kun kan hin taanee taanee raga mirkaneessa qabiyyee kan biaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Ekkaa Xaafuu.

Lafawwan miidhaman xuxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaani akka dabalu gochuun ni danda'ama!

Obbo Dabbabaa Wadaajoo Lakk. Nagahee isaa 1890945 ta'eefi Lakk. Galmee S - 1270 ta'en galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa(nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Kabbee Mullisaa Lakk. Nagahee isaa 1882847 ta'e, Lakk. Galmee K-635 ta'en galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa(nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Kiyyaa Kabbadaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jirenyaa waldaadhaan kennname Nagahee duraa Lakk. isaa 0186866 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef orjinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf akka deebisu, yoo kun ta'u baate kana duranii akka badeetti lakkaa'ame footoo koppii orjinalaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Kaadaasteraa Kutaa Magaalaa Galaan.

Obbo Takkaallinyi Fiqiruu Lakk. Nagahee isaa 0537544 ta'e, Lakk. Galmee I - 559 ta'en galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa(nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Amalawarqi Bayyisaa Nagahee Lakk. 1120338 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Malkaamuu Hayiluu Nagahee Lakk. 1120339 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Hajii Alii Kaasahuun Nagahee Lakk. 426870 ta'e Maqaa Taaffasaa Silashiitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

#### Aadde Beeteliyeem Aaggizeetiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Xoorinnat Laggasaafi Himatantu isin jidduu falmii dhirsafii niitummaa jiru ilaachisee Himatantuun kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 05/06/2016 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Sabbataa Awaas.

#### Aadde Yaalamzawu Naggaatiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Saamsoon Naggaafi Himatantu isin jidduu falmii sivilii jiru ilaachisee Himatantuun kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattanii falmattan, yoo dhiyaachuu baattan bakka isin hin jirretti falmiin kan gaggeeffamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

#### Obbo Dajanee Lammiitiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Irkoo Badhaadhaafi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee Himatamaa kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 08/06/2016 sa'atii 4:00irratti deebii keessan akka dhiyeffattan manni murtii ajajeera. M/M/A/K/Magaalaa Gafarsa Gujee.

#### Obbo Geetaahuun Hayiluutiif

#### Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Taaddasaa Daadhiifi Himatamaa isin jidduu falmii sivilii jiru ilaachisee Himatamaa kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'atii 3:30irratti deebii keessan barreffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ibsaa, kan hin dhiyaanne yoo ta'e mirgi deebii keessan barreffamaan dhiyeffachuu bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Ejeree.

M/A/Mirgaa Haabtaamu Lammaa M/A/Idootaa Obbo Tsaggaahuun Kaasaa, Obbo Azimaraw Ayyaalanahiifi Obbo Yaaqoob Gizaachew jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee M/A/Idootaa akkaataan murtii kennameen maallaqa isaanirraa barbaadamu M/A/Mirgaatiif raawwataniii xumurtanii akka dhiyaatan, kan hin raawwanne yoo ta'e sababa hin raawwanneef beellama gaafa 04/06/2016 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattanii ibsitan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Daabee.

Obbo Addisu Wayyeessaa mana jirenyaa Magaalaa Maqii Ganda Odaa keessaa qaban Nagahee Mirriitii Lakk. isaa 1545172 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraakaa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta'u baate hafteen kan keessummeesinuufi kaartaa kan biraakaa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Maqii.

#### Aadde Hayimaanoot Adimaasuutiif

#### Bakka Jirtanitti

Oliyyataan Baankii Daashaniifi Deebii kennituun isin jidduu falmii dhimma Hariiroo Hawaasaa (Waliigaltee) jiru ilaachisee Himatantuun kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 22/06/2016 sa'atii 3:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera M/M/W/Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbii Bahaa.



# Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

## Haqaqabeessummaa seera daldalaafi heera mootummaa Itoophiyaa

(Kan darberra kan itti fufe)

**N**amooni lama qofaa qofaatti hojii kalaqaa tokko hojjenneerra yeroo jedhan abbaa mirga hojichaa kan ta'u nama dursee iyyata galfatedha. Labsichi kwt 11(1) jalatti dursa iyyachuufi mirga dursaa qajeeltoo jedhu kan hordofuudha.

Labsicha kwt 14 bu'uura godhachuu komiishinichi mirga hojii kalaqaa laachusaa gaazexaa beekamaa irratti beeksisuun, ragaa mirgicha ibsuufi waraabbi hojichaa tokko nama hojii kalaqichaa hojjeteef kennuun, galmeessuufi qaama kaffaltii raawwatuuf waraabbi hojii tokkos ni kennaaf. Mirgi hojii kalaqaa namni biraan hojii kanatti haayyama malee akka hin fayyadame kan taasisuufi mirga itti fayyadamuu nama hojjete qofa badhaasuudha. Biyya keenya keessatti mirgi hojii kalaqaa nama kalaqeehi dhaabbilee qaama seerummaa qabaniif kan kennamu yoo tahuu biyya Ameerikaattis garuu mirgi kun nama uume qofaaf kan kennamedha.

Biyya keenya keessatti haalli kenna mirga kanaa maal fakkaata? gaaffi jedhu yoo ilaallu waliigalteen addaa yoo jiraate malee namni tokko qacaramee yeroo hojjetu hojii kalaqaa 23 hojjetamuuf mirgi abbaa qabeenyummaa hojjechiisaaf kennama. Haalli qacara hojjetaafi hojjechiisaaf hojii kalaqaa wajjiin hariiro kan hin qabne yoo kaan waliigaltee tajaajilaa waliin karaa walitti hin dhufneefi qabeenya hojjechiisaaf hojjetaa, odeeaffanno yoo kaan meeshaalee hojjechiisaati utuu hin fayyadamiin hojii kalaqaa yoo hojjete garuu mirgi hojii kalaqichaa nama hojicha uumeef kennama.

Armaan olitti kan caqasaman akkuma jiranitti ta'ee meeshaa hojjechiisaaf fayyadamuuf gaheen dhuunfaa hojjechiisaaf hojii kalaqaa keessa kan jiru taanaan waliigalteen addaa yoo kan hin jiraanne ta'e mirgi qabeenyummaa hojichaa qaamolee lamaan kanneeniif kennama. Qabiyeen mirga hojii kalaqaa sanada namni hojicha kalaqee hojichatti qofaasaa fayyadamu yoo ta'u kanaanis qaamolee sadaffaa irratti raawwatiinsa akka qabaatu gochuuf mirga qabeenya kalaqa sammutiif eegumsa barbaachisaa ta'e taasisuudha.

Mirgi abbummaa hojii kalaqaa kan kennu tokko nama hojicha kalaqeef yookaan nama hojii kana hojjechuuf qacarame yookaan tajajila nama kennu yommuu ta'utti mirgi abbaa qabeenyummaa hojichaas hojjechiisaaf kennama. Waliigalteen addaa yoo hin jiru ta'es hojii kalaqatiif gaheen namoota lameen kanaa jiraannaan mirgichi lamaan isaaniif kennama. Waliin tahanii haalli irraa fayyadaman ni uumama.

Daangaan mirgi hojii kalaqaas mirgi hojii

Dhiibbaawan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!

kalaqaa mirga qabeenya kalaqa sammuu waan ta'eef namni abbaa qabeenya mirga hojii kalaqaa ta'e, namni biroon mirga kanatti akka hin fayyadame dhorkuuf mirga qaba. Haa ta'u malee, mirgi kun mirga qabeenya namni kalaqe qofhaasaa itti fayyadamaa yoo ta'es daangaa seeraa jala mirga hin jirre jedhamuus hin danda'u. Haaluma kanaan, labsicha kwt 25 irratti daangaawwan muraasni mirga kana irra ibsamaniiru. Isaanis:

- Hayyama nama kalaqee malee hojiiwan daldala alaa hojiiwan jiranirratti kalaqa kana yoo fayyadaman seeraan nama hin gaafachiisu.
- Hojii kalaqaa seeraan beekamtii argate kaayyoo qorannoofi yaaliwwan saayinsii qofaafakka oolu gochuun haayyamamaadha.
- Abbaa qabeenya hojii kalaqatiin yoo kaan hayyama isaatiin beekamtii hojii kalaqaa argatan waliin bifa wal-qabateen Itoophiyaa keessatti gabaarra akka oolu gochuun ni danda'ama. Akkasumas labsicha kwt 25(2) irratti, 24 faayidaa ummataa keessumattuu nageenya biyyaa, nyaataafi fayyaa yookaan kaayyoo misooma dameewwan dinagdee gurguddoo ta'aniif komiishinichi hayyama abbaa qabeenya hojii kalaqaa malee fayyadamu, dhaabbileen mootummaa yoo kaan qaama sadaffaa komiishinichi moggaasu abbaa kalaqichaaf kaffaltii barbaachisaa ta'e kaffaluun kalaqicha fayyadamu ni danda'a.

Kaayyoon tumaalee hojii kalaqaa heera mootummaan beekamtii argate namni kalqe yoo kaan waliin ta'anii namootiin kalaqan akka qajeeltootti dhuunfaan fayyadamu danda'uusaanii amanuun, faayidaa uummataafi nageenya biyyaaf jedhamee garuu mirga qabeenya kalaqa sammuu irratti daangaan kaa'uun akka barbaachisuufi abbaan kalaqaa mirga kaffaltii argachuu akka qabu mirkaneessuudha.

Haqamuu dhiifamuuf addaan cituu mirga hojii kalaqaa hojiin kalaqaa guyyaa iyyannoonttu itti dhiyaatee galmeeffamee kaasee waggoota kudha shaniif eegumsa seeraa kan argatu ta'ullee sababa adda addaaf mirgichi addaan cituu, dhiifamuuf yoo kaan haqamuu ni danda'a. Mirgi hojii kalaqaa addaan cituu kan danda'u abbaan kalaqichaa mirgichi dhiisuusaa barreeffamaan komiishinicha kan beeksiseefi kaffaltiin turtii mirga yeroo murtaa'aa tokko keessatti kan hin kaffalamne yoo ta'eedha.

Addaan cituu mirgaa kunis uumamuu kan danda'us fedhaafi dirqama seeraan jiru bahuu dhabuu ta'uusaa agarsiisa. Dhiifamuun mirga hojii kalaqaa uumamuu kan danda'u ammoo fedha abbaa irratti hundaa'ee dhufuu kan

danda'u yoo ta'u haalli raawwatiinsa isaas abbaan kalaqichaa mirga isaa dhiisuu akka barbaade barreeffamaan komiishinicha kan ibseefi komiishinichis kanuma maxxansiisee yoo baasedha.

Abbaan mirgaa kalaqaa dhiisuu yeroo barbaadettis waliigalteen nama birootiif kenneera yoo ta'e haayyamni nama sadaffaa sanaa ni barbaachisa. Kunis ta'u kan danda'e mirga nama waliigaltee mirgicha fudhate sanaaf eegumsa gochuusaa ta'uun kan tilmaamamu yoo ta'el ee nama waliigaltee mirga kana fudhatee dhiyaate yaada isaa kan hin ibsine yoo ta'e maal ta'u akka qabus qajeelfama komiishinichaan ibsamaniiru.

Tumaalee labsichaa akka waliigalaatti hubachuu kan dandeenyu garuu namni waliigaltee mirga hojii kalaqaa argate hanga mirgichi cimee dhaabbatutti itti fayyadamu kan danda'u ta'uusaati. Mirgi hojii kalaqaa haqamuu kan danda'u ulaagaaleen seerri teechisu gar-tokkeen yookaan hundi guutaman yoo ta'eefi mana murtii kan mirkaneesse yoo ta'eedha. Waa'ee haqamuu mirga kanaas labsich kwt 34fi 35 irratti akka armaan gaditti kaa'eera: 25 a. Hojiin mirgi hojii kalaqaa irratti gaafatame labsii lak 123/98 kwt 3fi 4 irratti mirga kalaqaa kan hin kennisiifne ta'e yoo argame.

Hojiin kalaqaa hojjetame haala guutuufi ifa ta'een ibsamuu dhabuun ogeessota damee hojii kanaan leenji'aniin gara hojiitti kan hin jijiiramne ta'e yoo argamedha. Mirgi hojii kalaqaa yeroo haqamu bu'aan haqamuu mirgichaa gara boodatti deebi'ee raawwatiinsa ni qabaata. Kanaaf kwt 37(2) irratti "guutummaatti yookaan gar-tokkeen mirgi kalaqaa haqame gati-dhabeessa ta'e kan lakka'amu guyyaa mirgichi eegumsa seeraa argate kaaseeti" jedhee tumee jira.

Kanaaf, mirgi hojii kalaqaa nama hojii kalaqa sana raawwate tokkoo yoo kaan hedduuf mirga qabeenya kalaqa sammuu ta'uun heera mootummaafii labsiileen eegumsa seeraa argateera. Mirgi kun waliigalteen gara nama sadaffaatti mirga qaama-dhabeessa ta'uun darbuu ni danda'a.

Mirgi hojii kalaqaa mirga qaama-dhabeessa yoo ta'e yeroo tokko uumamee waggoota 15 eegumsa seeraa argachuu eenyummaa isaa dhabuu yookaan hafaa ta'u yookaan gidduutti danqaan uumamee adda cituu yookaan haqamuu yookaan haayyama abbaatiin dhiifamuuf mirga qabeenya kalaqa sammuu danda'uudha.

Mirgi hojii kalaqa seensaa enyuuf kennama? Mirgi hojii kalaqa seensaa hojii kalaqaa biyya alaatti beekamtii eegumsa seeraa qabaachuun akkasumas biyya Itoophiyaa *Gara fuula 19tti* keessatti hojii beekamtii seeraa



# Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

## Nyaata guyyaatti soorachuu qabnu

**S**ooranni guddina sammuufi qaamaa lubbu qabeeyyiif faayidaan qabu guddaadha. Kana cinaattis biyyoota akka Itoophiyaa keessatti walitti dhufeenya hawaasummaas ni cimsa. Faayidaansaa inni guddaan garuu qaamaaf humna kenuufi dhibee ofirraa ittisuuf gargaaruudha. Kana erga ta'ee guyyaatti yeroo meeqa nyaachuu qabna? Soorata akkamii soorachuu qabna kan jedhus gaaffii ijoodha. Gaaffin kun yaada akaakuu nyaataa adda addaa soorachuun barbaachisaa akka ta'e kan namatti agarsiisudha.

Fakkeenyaaaf Avokaadoofi killee nyaachuu/soorachuun qabeentaa of keessaa qabanirraa kan ka'e hedduu barbaachisoo ta'anis, yeroo hunda avokaadoo qofa nyaachuunis gahaa ta'u dhiisuu mala. Kanaaf, guyyaatti akaakuu nyaataa/soorataa adda addaa nyaachuun qabiyyeewan qaama namaaf barbaachisan akka argataniif ni gargaara.

Dhimmuma kanaarratti BBC'n Afaan Oromoo Ogeessa Saayinsii Soorataafi Sirna soorataa kan ta'an Doktor Qaal'aab Baayyuu dubbisuun fuula miidiyaa hawaasummaasaarratti maxxanserraa ragaa arganne fuula hawaasummaa torban kanaatiif haala armaan gadiitiin qindeessinee dhiyeessineerra.

Akkuma armaan olitti ibsuudhaaf yaalametti nyaanni/sooranni guddinaafi fayyummaa lubbu qabeeyyiif baayyee barbaachisaadha. Nyaataa kanas guyyaatti yeroo meeqa soorannaafi akaakuu hammaam soorannaanis dhimma sirnaan beekamuu qabudha.

Doktor Qaal'aab Baayyuu Yuunivarsiitti Finfinneetti gargaaraa Piroofeesaraa Giddugala Saayinsii Soorataafi Sirna Nyaataa yoo ta'an, addunyaarratti qajeelfamooni soorataa ogeeyyiin qophaa'an addaa addummaa qabaatanis soorata ogeessi kun jedhanitti hanga danda'ametti akaakuu nyaataa soorannu dabaluun carraa qabiyyeewan nyaataa barbaachisoo guddinaafi fayyaa qaama namaaf barbaachisoo ta'an argachuuf namni qabu ni dabala.

Namootni waan sooratan fakkaatu kan jedhan ammoo barsiisaa Saayinsii Soorataafi Sirna Nyaataa Doktor Yiheennee Ayyeleeti. Qaamni namaan sirna uumamaan qabuun hojjechuuf yoo xiqaate meneraalotaafi Vaayitaminoota 53 argachuuf qaba" jedhu ogeessi kun. Akaakuun nyaataa qabiyyeewan barbaachisoo kana hunda of keessatti qabate tokko argamuun hin danda'u, kanaaf haala danda'ameen sooratni akaakuu adda addaa of keessaa qabaachuu qaba jedhu.

**Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu'uura!**



### Raafuu fooniin makaa

Dr.Yiheeneen akka jedhanitti soorata akaakuu adda addaa sooratumuu qaban akka fakkeenyatti yammuu ibsan; makaa kuduraafi bu'aal beeladaati. Itoophiyaatti kan baratamee ittoon raafuufi foon irraa hojjetamu addunyaaaf fakkeenyta'a jedhan. Ayiranii foon keessaa %70 kuduraalee keessaa ammoo %17 ni argama jedhaniiru. Haalli kun Fooniin "arja" kuduraaleedhaan ammoo "doqna" jechisiisa jedhu. Kanaaf, yeroo walitti dhufan fayidaan isaanii ni guddata jechuun himaniiru.

Kuduraaleen, bu'aal beeladaa, akaakuun midhaanii, muduraaleefi midhaan zayitaa qajeelfamoota sirna nyaataa Dhabbanni Fayyaa Addunyaaafi Dhaabbanni Qonnaa Addunyaa tarreessan 10 keessatti argamu. Ogeeyyiin kan gorsan akaakuuwan nyaataa kana walitti makuun soorachuun gaarii ta'udha. Gaaffii guddaan soorata guyyuu sooratumu keessatti qabiyyeewan kanneen guutuuf humni isaa dhufa kan jedhu? Dr Yiheennee yoomiyuu guutuuf kan cimu bu'aal beeladaa argachuudha jedhan. Bakka fooniifi bu'aawwan beeladaa biroo akaakuuwan nyaataa kaan bakka buusuun filanno ta'u dubbataniiru.

### Mulluufi akaa'i

Dr.Yiheeneen Itoophiya keessatti kan baratame mulluufi akaawiinis waan gaariidha jedhu.

Fakkeenyaaaf akaawiin garbuu yeroo hojjetamu loozii, nuugiifi kanneen biroo itti dabaluun saayinsii soorataan jajjabeffamudha jedha. Foon bira ga'un yoo ulfaate kuduraalee, muduraaleefi midhaan dheedhii walitti makuun soorachuun bu'a qaba jedhan. Akaakuun soorataa keessasaaniitti qabiyyeewan halluu quodaman waan qabaniif sooratni keenya halluu akkamii qaba? jedhanii gaafachuun sooratni

qabiyyee adda addaa qabaachusaa agarsiisuu danda'a jedhu.

Inistiitiuyutii Fayyaa Hawaasaa Itoophiyaatti Daarektara Qo'anno Sirna Nyaataa kan ta'an Doktor Maarisheet Tasammaa quufuu qabiyyeewan nyaataa guyyaatti namni argachu mallu argachuuf ragaa hin ta'u jedhan. Kanaaf, Qajeelfama Sirna Nyaataa Dhaabbatni Fayyaa Addunyaa baase keessaa yoo xiqqate akaakuu nyaataa 10 keessaa shan guyyaatti argachuun barbaachisaa ta'u himaniiru. Qajeelfama kana Itoophiyaan akka fudhattuufi Ministeeri Fayyaa biyyattiis akka gorsu himaniiru. CO

### Akkamitti soorachuu qabna?

Akaakuu nyaataa soorannu baayyiisun cinatti akkamittin soorachuun akka barbaachisun beekuunis murteessaadha. Itoophiya keessatti yeroon soorachuuf kaa'amee jiru jajjabeffamuu kan qabuufi barmaata kanaan dura jiruun faallaa haalli soorataa dhiyoo baratamaa dhufe hafuu akka barbaachisudha Dr. Qaal'aab kan gorsan.

Konkolaataa oofaa, hojji hojjechaa, bilbila fayyadamaa ykn xiyyeefannoon ofi bakka biraarra ta'ee osoo jiruu soorachuun hamma barbaadamuu ol akka soorannu sababa ta'u danda'a jedhu. Kanaaf, tasgabbaa'anii taa'anii soorachuun bu'aal akka qabudha adeemsaa saayiinsiin hubachaa jirra jedhan Dr Qaal'aab. waliin taa'uun soorachuunis hanga soorannu to'achuuuf ni gargaaras jedhaniir.

Dr.Yiheennee gamasaaniin qo'annoowwan yeroo dhiyoo hojjetaman waliin taa'anii soorachuun bu'a qabeessa akka ta'e agarsiisa jiruu jedhu. Namoonni waliin taphachaa soorachuun akaakuu nyaatan akka bal'isuufi haala tasgabbi qabuun akka sooratan ni gargaara jedhan. Dr Qaal'aab akka jedhanitti osoo walirraa hin kutin saffisaan *Gara fuula 19tti*



# Oduu

## Inisheetivonni misooma muduraa . . .

badhaadhinaa akka biyyatti qabame milkeessuuf, Mootummaan Naannoo Oromiyaa inisheetivoota garaagaraa hawaasa fayyadamaa taasisan bocee hojjirra oolchuu erga eegalee waggoota lakkofsiiseera jedhan.

Inisheetivoota bocamanii hojjatamaa jiran keessa tokko kan damee qonnaa yoo ta'u, isa keessa inisheetiiviin misooma muduraa isa tokko ta'uus himaniiru.

Erga inisheetiiviin misooma muduraa eegalamee, muduraalee gosa adda addaa biyya alaatti fiduun madaqsuufi sanyii fooyya'aa kanaan dura biyya keessa ture tooftaa garaagaraan baay'isuun qonaan bulaaf raabsuufi babal'isurratti hojjetamaa tureera jedhan.

Misooma kun, bara 2012 bifa inisheetiiviin erga eegalame asitti baroota darban 4'n darbeen biqiltuu

muduraalee sanyii filatamaa garaa garaa lafa hektaara kuma 16 caalurratti babal'ifamuusaa Obbo Mahammadsaaniin yaadachisaniiru.

Karoora xiiqii bara 2016 labsame hordofuun biqilaan avokaadoo sanyii filatamaan miiliyoona 10 qophaa'ee kunuunfamaa jiras jedhan, biqiltuu qophaa'ee kunuunfamaa jiru kunis lafa kanaan dura biqiltuu sanyii filatamaa Avokadoon qabamee ture gara hektaara 40tti kan ol guddisudha jedhan.

Akka ibsa Obbo Mahammadsaaniitti, avokaadoo bara 2011fi 2012 keessa dhaabames oomisha sassaabuun jalqabeera jedhanii, oomisha kanas gabaa biyya keessaafi biyya alaaf dhiyeessuun galii argamsiisa jirachuu ibsaniiru.

Hanga bara kanattis alergiin avokaadoo marsaa sadif kan

raawwatame ta'uufi bara 2016 kana keessa toonii 100 ol erguun sharafa alaa argamsiisuun danda'ameeras jedhan.

Tarkaanfi haaraa muuzii sanyii filatamaa babal'isuurhatti fudhatameen, hanga bara 2015 darbetti lafa hektaara kuma 3 caalu muuzii sanyii filatamaan uwifamuu ibsaniiru. Bara karoora xiiqii 2016 kanaas, biqiltuu muuzii sanyii filatamaa miiliyoona 16 ta'u qopheessuun lafa dabalataa hektaara kuma 10 caalu uwvisuuf karoorfamee hojjetamaa jiraachuu Obbo Mahammadsaaniin himaniiru. Inisheetivii misooma muduraa kana caalmaan milkeessuuf biqiltuu appilii, burtukaana, zayituunaa dabalatee gosootni biqiltuu muduraa garaa garaa 14 qophaa'ee dhaabbii biqiltuu ganna 2016/2017f kunuunfamaa jirachuu eeraniiru.

## Abbaan Taayitaa Konistiraakshinii . . .

konistiraakshiinii guddachaa dhufuu, pirojeektooni yeroon xumuramanii tajaajila hawaasaaf akka oolan taasisuu keessatti maashinaroonni gahee guddaa akka qaban hubatamuufi maashinaroonnikonistiraakshiinii biyya keessa galanis % 6'n guddataa waan jiraniif jedhan.

Kana malees, pirojeektoota naannichaatti eegalamanii jiran kanneen akka pirojeektoota finnaa 72 eegalamanifi pirojeektooni gurguddoon yeroon xumuramanii tajaajila hawaasaaf akka oolan taasisuu keessatti kontiraaktaroonni maashinoon yeroon galfatanii hojiitti akka seenaniif heeyyama kana sadarkaa naannootti kennuu jalqabuun barbaachisaa ta'ee argameera jedhan.

Kunis, hojiilee karoora xiiqiitiin karoorfamanii hojjetamaa jiran milkeessuu keessattis gahee guddaa qabaata jedhaniiru Injiinar Naatinaa'eel. Komii harkifanna tajaajila heeyyama maashinaroota argachuuf kana dura ture hiikuun kontiraaktaroonni yeroon tajaajila kana argatanii hojiitti akka galan gochuuf akkasumas galii keessoo Abbaa Taayitichaa dabaluu keessatti gahee kan qabaatu ta'u himaniiru.

Abbaan Taayitichaa bara kana maashinaroota 200 dhaabbilee kontiraaktarootaaf kennuf kan karorse yammuu ta'u, yeroo ammaa maashniroota

## Humnoonni seeraan ala hidhatanii . . .

Abiyyi Ahimad kana kan dubbatan Walga'ii Idilee 14ffaabara hojji 3ffaa waggaa 6ffaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataa Dheengadda geggeeffamerratti argamuun gaafffilee nageenyaafi misoomaan walqabsiisuun miseensota mana marichaarraa ka'aniif wayita deebiifi ibsa kennanitti.

Yaadni aangoon qabachuun meeshaa qofaan jedhu hafuu barbaachisa, humnaan qofa aangoon milkeeffachuun hin danda'amu jedhanii, kanaaf, humnoonni Naannoo Oromiyaafi Amaaraatti hidhatanii socho'an gara daandii nagaafi waliin mari'achuutti akka deebi'aniif ammas mootummaan balballisaa banaadha jechuun Dr. Abiyyi waamicha dhiyeessaniiru. Lolaan qofa osoo hintaane nagaa buusu, misoomatti hirmaachuu, qulqullinaafi araara buusuun goota ta'unis ni danda'ama jedhan Dr. Abiyyi.

Mootummaan harka maradhaa taa'aa yaada jedhu hin fudhannu ittis waliif hin gallu, mootummaa waan taaneef seera kabachiisuu cimsinee ni hojjetna jedhan.

Hojjin seera kabachiisuu yeroo

hojjetamuti humni nagaa barbaadu jiraannaan waliin mari'achuun nagaa buusuuf balballi mootummaa banaadha jechuunis wayituma kana dubbatanii.

Rakkoo hoji dhabdummaa guddaa akka biyyatti jiru xiqqeessuufis mootummaan yeroo itti aanutti carraan hojji akka uumamuuf hojji hojjetamu cimsee itti fufa kan jedhan Dr. Abiyyi kunimmoo nageenya mirkaneessuu keessatti gahee waan qabuuf.

Dhimooni gurguddoo biroon ammu marii biyyaalessatiin ilaalamani furmaata bu'uraa akka argatan ni taasifama, kanaanis nageenya biyya keenya mirkaneessuufi itti fuksiisuuf ni hojjetama jedhan.

Walitti bu'insi naannolee biyyattii tokko tokkotti taasifamaa jiru waan jiru hir'ise malee waanti dabale hin jiru jedhan. Walitti bu'insarrraa kasaaraafi hir'ina malee bu'aan argamu hinjiru. Kanaaf, karaa nagaafi waliin mari'achuutti rakkoo jiru hiikuu shaakaluun yaada gaarii natti fakkaata, kana milkeessuuf ammu Abbootiin Amantaa, jaarsoliin biyyaa, hayyooniifi dargaggoonni

ga'ee isinirraa eegamu bahachuun isinirraa eegamas jedhaniiru Dr. Abiyyi. Sababnisaa nagaan yoo jiraate biyyi itti fufti waan ta'eef ummanni hundi karaa nagaafi marii filannoo taasifatee deemuutu bu'aa qaba, mootummaanis kanarratti ejjennoofi kutannoo cimaa kan qabu'uus himaniiru.

Gama biraatiin hongee mudate ittisuuf mootummaan qarshii biiliyoona 14 baasii taasisuun deggersa namoomaa taasisaa akka jirus Dr. Abiyyi Ahimad himaniiru.

Hongeen naannolee gara garaatti mudateera kan jedhan Dr. Abiyyi sababa kanaan lubbuun nama akka hinbanneef qindoominaan hojjechuu qabnas jedhaniiru. Ta'us, hongee mudate dhimma siyaasaaf itti fayyadamuuf tattaaffiin taasifamu bu'aa akka hinqabne hubachiisaniiru.

Hongee mudate ittisuuf tattaaffi taasifamu keessatti mootummaan gahee guddaa bahachaa jiraachuu eeraniiru. Bajata projeektootaaq qabame gara rakkoo hongee dandamachiisutti naannessuunn kan kan hojjetu akka ta'elée dubbataniiru.

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!**



## Dubaay mandara xiqqoo qurxummiin keessatti kiyyeefamurraa gara magaalaa bshannanaaf filatantu, nagaa, gahumsa daldalaafi turiizimii addunyaatti

Bal'inni lafashee Iskuweerii kuma 1 fi 610 yoo ta'u, baay'inni ummatashee mil. 3.7 kan qabdu Dubaay Jaarraa 18ffaa keessa wayita hundeffamtu bakka itti qurxummiin kiyyeefamu xiqqoo turte. Har'a garuu addunyaarrraa magaalota hoteeloota abbaa urjii shanii baay'inaan qaban keessaa sadarkaa 2ffaarratti argamti. Gamoon addunyaa keenyaa dheerinaan tokkoffaa ta'eefi tajaajila hedduu kennus achitti argama.

Magaalattiin jaaraa 20ffaadhaa qabee qabeenya boba'aa lafa jalaa qabdutti fayyadamuu jaarraa 20ffaaraa qabdee turiizimiif bashannaanaaf xiyyeefannaaddaa kennun baka gahumsa turiizimii addunyaa filatantu ta'u dandeesseetti. Magaalaa guddoo Emereetotaa wayita taa'tu, baay'ina ummataanis magaalota torbanuu keessaa sadarkaa jalqabaarra jirti.

Magaalota addunyaa keenyaa guddina dinagdee saffisaa agarsiisaa jiran keessaa tokko kan taate Dubaay. Giddu galoota gabaa addunyaa maallaqa guddaan keessa sochoo'uufi miliyonotaan filatamaa ta'an 70 ol qabdi. Kanarraa ka'unis Giddu Gala Daldalaa Giddu galeessa baha guddittii / shopping capital of the Middle East / jedhmuu dandeesseetti.

Jaarraa 18ffaa keessa baayyinni ummata magaalattii keessaa jiraatuu kuma 1 fi 200 qofa ture. Osso qabeenyaan boba'aa hin argamiin dura barootaaf gammoojii hamaa homtinuu keessa hin jirreeli jirenyaaf hin mijanne turte. Qabeenya uumamaa lafa jalaan kan badhaate Dubaay Boba'aa, warqeefi albuudonni gati jabeessi argamuu hordofee garuu waggoota muraasa keessatti gara giddu gala daldalaafi turiizimii addunyaa filatantu taateetti.

Gammon hammayaafi giddu gala gabaa addunyaafi ijaarsa 'real state' bakka



gahumsa turiizimii filatantu addunyaa ishee taasisaniiru. Qabeenya uumamaa qabdus ijaarsa bu'uuraalee miosoomaafti fayyadamunis damee turiizimiishee daran guddiseera.

Goleewan addunyaa hundarrraa daawwannaafi daldalaaf namoota garasitti imalan nageenyasaanii eeguufis poolisiin magaalattii konkolaattota hammaya'oof saffisa addaa qabaniifi qaaliit ta'an fayyadamun akkasumas kaameeraa eegumsaa bakka mara jiru fayyadamun nageenyi amansiisaa ta'e akka jiraatuuf sa'atii 24 of eeggannoon hojjechuunis beekamtii kan qabdu ta'uunshees filatantu ishee taasisa.

Magaalattii keessatti daandiitti ba'anii maallaqa kadhachuun, hatuufi namoonni wal loluun gonkumaa waan yaadamu miti. Tajaajilli kennamu hundi teekinoolojiin kan deeggarameefi sa'atii 24 banaadha.

Konkolaattonni tajaajila geejjibaa kennan hammaayaa'oo ta'anis haala qilleensaa naannichaa tilamaama keessa galchuun

meeshaan qilleensa qabbanneessu kan tolfaameefidha. Kana malees baaburri tajaajila geejjibaa kennu hammayaa 'Metro Red Line' jedhamu kaappiteenii malee hanga km 52tti socho'an hojirra oolchuunis magaalaa galmeewaantonni dinqisiisoo irratti galmeeffamanirratti galmoofte taateetti.

Magaalattii keessatti lafa heek. Kuma 72 bal'atuufi biqiltuuwwan gosa adda addaa miliyoona 250fi abaaboowwan miliyoona 50 qabu 'Miracle Garden' hojjechuunis tuuristootaan akkam filatantu ishee taasiseera.

Bishaanni guddaan magaalattii bakka lamatti quodun gidduu buhu daldalaafi turiizimihseef gumaacha olaanaa qaba, odola nam tolchee ijaaruunis industiriit turiizimiishee ammayyeessuu dandeesseetti. Kana malees fiixee galoo galaanaa Parshiyatti argamuunshee kubbaaniyoota daldalaa addunyaaafi giddu gala baha riqicha qunnamssiisu ishee taasiseera.

Akka lakkofsa Awurooppaanotaa baraa 1966tti boba'aa argatte waggaa 30 gidduutti duddina ariifataa akka galmeessiftu ishee taasiseera. Keessumaa bara 1958 gaggeessaa Dubaay kan turan Sheeh Raashiid Biin Saayiid Almaktuum liqaa barbaaduun qabeenyaan boba'aarraa argametti fayadamuun magaalattif bu'uuraalee misoomaa kanneen akka bilbilaa, elektirikii, buufata galaanaa, buufatawwan Xayyaaraafi kanneen biroo ijaaruun warraaqsa dinagdee biyyattiif bu'uura ta'eera.

Waggoota muraasa dura bakka itti qurxummiin kiyyeessan xiqqoo, gammoojii hamaa jirenyaaf hin mijanne, jiraattota muraasa qofa kan qabdu turte Dubaay har'a bakka bashannanaa addunyaaarratti filatantu, giddu gala daldalaa addunyaaafi bakka gahumsa tuuristootaa, magaalaa nageenyaaafi jiraachuu filatantu taateetti.

**Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiiniis ni dabalam!**

Aadde Masarat Siyyum Lakk. Nagahee isaa 498365 ta'e galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Daani'eel W/Mikaa'eel Magaalaa Walisoo ganda Ejersaa keessaatti ragaa mana jirenyaa qaban Kaartaa Lakk. isaa W/180 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru waan jalaa badeef qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.

Maqaa Abbaa qabeenyaa Obbo Daraaraa Dhaabasaa Baajaajii Lakk. Gabatee 1-A03338 O/R Lakk. Libiree -- Lakk. Mootora AZXWMZ70021 ta'e, Moodela RE 45 ta'eefi Lakk. Shaansii MD2A25BX1MWE82189 kan ta'e Libireen waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu, namni libiree bade kana arge ykn dhimma gara biraatiif qaamni qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisa, yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyataaf Libiree kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Geejjibaa Kutaa Magaalaa Furii.

Oliyyattooni Addaamsaggad Duunamoo fa'a N-2 fi Deebii kennitoota 1ffaa Tewoodiroos Tashoomaa fa'a N-2 jidduu falmii manaa jiru ilaachisee deebii kennaa 2ffaan Hayilayyasuu Asaffaa mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'aatii 5:00irratti falmiif qophooftanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Bishooftuu.

#### **Obbo Daani'eel Tashoomaatiif**

##### **Bakka Jirtanitti**

Himattuun Aadde Ayishaa Siraajiifi Himatamaa Isaa Lammaa jidduu falmii jiru ilaachisee falmiitti makamaan 2ffaa kun mana murtii kanatti falmiitti makamtanii akka falamattaniiif beellama gaafa 06/06/2016 sa'aatii 4:30irratti falmii qabdan barreeffamaan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Addisu Dirribaa Lakk. Nagahee isaa 1884415, Lakk. Galmee A-5118 ta'e galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Asfaawu Waalaa Lakk. Nagahee isaa 1503807, Lakk. Galmee I--116 ta'e galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Aliyyuu Mahaammad Lakk. Nagahee isaa 870367 Lakk. Galmee S--1392 ta'e galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Kadiir Huseen Lakk. Nagahee isaa 036377 ta'e galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Gammachiis Yohaannis Nagahee Lakk. 1118204 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenya gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Sagiid Ahimad Nagahee Lakk. 196313 ta'e Maqaa Malkaamuu Alamaayyuuutiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenya gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Guddaayinash Mogos Nagahee Lakk. 433394 ta'e Maqaa Dammaqaa Ambalawutiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenya gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Birhaanee Gabruu B/B Moosisaa Baqqalaa Nagahee Lakk. 1117733 ta'e Maqaa Tasfaayee Araarsaatiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenya gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

#### **Misgaanaawu Buzunaatiif**

##### **Bakka Jirtanitti**

Iyyataan Mangistuu Buzunaafi waamamaa isin jidduu falmii ijibaataa jiru ilaachisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii hayyamsiisa keessan hanga beellama gaafa 07/06/2016 sa'aatii 5:00irratti akka dhiyeffattan ibsa, dhiyeffachuu baannaan mirgi keessan bira darbamee bu'uura himannaa dhiyaateen murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/W/ Oromiyaa.

Obbo Xilaahuun Baayikadaanyi Waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa mana jirenyaa Kaartaa Lakk. isaa 5453/2001 ta'e Magaalaa Mojoo ganda Malkaa Lammii keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennamee waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Mojoo.

Sisaay Balangoofi Fitsum Katamaa Lammaa kaartaan mana jirenyaa Lakk. isaa EMM/M075/06 ta'e Magaalaa Matahaaraa keessaatti maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee nuuf haa kennamu jedhanii iyaytaniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Matahaaraa.

Obbo Xibabuu Damee Lakk. Nagahee isaa 1882845 ta'e galmaa'ee naaf kennname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

#### **Obbo Adilee Sayyidiitiif**

##### **Bakka Jirtanitti**

Himattuun Taayyech Tabburree fi Himatamaa isin jidduu falmii qabeenyaa mana jirenyaa jiru ilaachisee galmeen Kanaan dura cufamee ture deebii socho'uusaa beektanii beellama gaafa 12/06/2016 sa'aatii 5:00irratti akka dhiyaattanii manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

#### **Ilikuu Baqqalaatiif**

##### **Bakka Jirtanitti**

Himattuun Taayyech Tabburree fi Himatamaa isin jidduu falmii qabeenyaa mana jirenyaa jiru ilaachisee Himatamaan 3ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii himannaa isinirratti dhiyaateef deebii keessan barreeffamaan qabattanii beellama gaafa 08/06/2016 sa'aatii 4:30irratti akka dhiyaattanii falmattan jechaa, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii barreeffamaan kennachuu keessanii kan bira darbamuufi mirgi dhagaha duraa gaggeeffamuu qabu kan irra darbamtu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Dambala.

#### **Obbo Nugusu Amansissaatiif**

##### **Bakka Jirtanitti**

Himataan Dhaabbata Inshuuraansii Itiyoophiyaafi Himatamaan isin jidduu falmii sivilii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii deebii hayyamsiisa keessan hanga beellama gaafa 07/06/2016 sa'aatii 5:00irratti akka dhiyeffattan ibsa, dhiyeffachuu baannaan mirgi keessan bira darbamee bu'uura himannaa dhiyaateen murtiin kan kennamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

R/Himataan Almaayyoo Boggaalaa fi R/Himatamoonni 1<sup>ffa</sup> Zawuduu Ashaagiree 2<sup>ffa</sup> Awulaachewu Habtee jidduu falmii jiru ilaachisee R/Himatamoonni akkaataa murtii kennameen maallaqa 38700 (kuma soddomii saddeetiif dhibba torba) kaffaltanii beellama gaafa 01/06/2016 sa'atii 8:30irratti akka dhiyaattanii manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Luugoo.

### **Obbo Huseen Amootiif**

#### **Bakka Jirtanitti**

Himattuun Aadde Makkiyyaa Faqoofi Himatamaa isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/06/2016 sa'atii 4:00irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan.

Obbo Baqqalaa Dhaabii mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Bareechaa keessatti Kaartaa Lakk. isaa 489/71 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaa kan biraa hojjetameebakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

### **Aragguu Abarraatiif**

#### **Bakka Jirtanitti**

Himattuun Aadde Warqituu W/Tinsaa'ee fi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/05/2016 sa'atii 4:30irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Amboo.

Aadde Zubeeyidaa Hasan Lakk. Nagahee isaa 871621, Lakk. Galmee Z-099 ta'e galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Mallasaa Ijiguu mana jirenyaa Magaalaa Baatuu Ganda Dambal keessaa qaban Kaartaa Lakk. isaa 444f/6466/2000 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta'u baate kaartaa kan biraa hojjanee bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Baatuu.

### **1<sup>ffa</sup> Obbo Sisaay Tsaggaayeetiif**

#### **2<sup>ffa</sup> Aadde Iteenesh Baahiluutiif**

#### **Bakka Jirtanitti**

Oliyyataan Obbo Masfin Geetaachoofi Himatamoonni isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'atii 9:00 irratti deebii ittisaa keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan jechaa, dhiyeeffachuu baannaan falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

### **1<sup>ffa</sup> Haabtoom Darajjeetiif**

#### **Bakka Jirtanitti**

Himataan Moosisa Tolasaafi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee Himatamaan 1ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/06/2016 sa'atii 3:30irratti deebii akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaala Gafarsa Gujee.

Aadde Yeshiimmabeet G/Haannaa Nagahee Lakk. 196070 ta'e Maqaa Tasfaayee Sooresaatiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

### **Aadde Baliyyuu Daamxoo Boggaalaatiif**

#### **Bakka Jirtanitti**

Himataan Kumarraa Tarrafaa Raasoofi Himatantu isin jidduu falmii dhirsafii niitummaa waa'ee diiggaa gaa'ilaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/06/2016 sa'atii 4:30irratti deebii qabdan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaala Abbaa Gadaa.

### **Obbo Alamaayyoo Nuguseetiif**

#### **Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Kabbadaa Gammachuufi Himatamaa isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 11/06/2016 sa'atii 5:00irratti akka dhiyaattan ta'ee, yoo kan hin dhiyaanne ta'e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Boosat.

Addis Asaffaa Nagahee Lakk. 196409 ta'e Maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu'ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaatalaa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu'ee jedhu kan kenniuuf ta'u ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Aadde Asnaaqech Galaan Magaalaa Bishooftuu Aanaa Arsadii keessatti Kaartaa Lakk. isaa BI/18091/13 kan ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kan argeera ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti akka deebisu beeksisaa, yoo ta'u baate kaartaa kan biraa hojjanee bakka buufnee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Calaalqaa.

Obbo Salamoon W/Tinsaa'ee Lakk. Nagahee isaa 400737 ta'e galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'u ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sabbataa.

### **Caalbaasii**

R/Himattuun Aadde Maartaa Taaddasaa fi R/Himatamaa Obbo Fiqiruu Zawudee gidduu falmii dhirsafii niitummaa jiru ilaachisee mana jirenyaa Lakk. Kaartaa isaa TF/007/2000 ta'e lafa bali'inni isaa kaaree meetira 200 irratti ijaaramee jiru qorqorro luukii 65 ofiraa qabu Magaalaa Tafkii ganda 04 keessatti argamu caalbaasii ifa ta'een gurguramee wal-falmitootaaf akka qoodamu manni murtii murteesseera. Bu'uuruma Kanaan ka'umsaa caalbaasii qarshii 1,100,000tiin gaafa 02/07/2016 sa'atii 4:00 - 6:00tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan kabachiisa caalbaasiirraa 25% qabsiisuudhaan dhiyaattanii dorgomuudhaan bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Sabbataa Awaas.

### **Caalbaasii**

manajirenyaa Magaalaa Mararoo keessatti Maqaa Aadde Ayyaluu Nugusee Baqqalaatiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa abbaa qabeenyummaa isaa 242/ALN/2012 kan ta'e lafa kaaree meetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Baankii Siinkee W.A Damee Maraaroo idaa baankii deebisuu didan deebisiifachuuf gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 550,252.06tiin gaafa 27/06/2016 sa'atii 7:00 - 10:00tti caalbaasii ifa ta'een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan dhiyaattanii dorgomuudhaan bitachuu kan dandeessan ta'u ni beeksifna. Distirkii Adaamaa (Damee Mararoo)

### **Caalbaasii**

R/Himataan Baankii Siinkee Damee Sabbataa B/B Boggalaa Mulisaa fi R/Himatamoonni Alamuu Dachaasaa fa'aa N-2 jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee mana daldaalaa raawwii M/A/Idaa kan ta'e Lakk. Kaartaa TF/00/201/20112 kan ta'e Bulchiinsa Magaalaa Tafkii ganda 04 keessatti lafa karee meetira 500 irratti ijaaramee jiru ka'umsaa caalbaasii qarshii 4000,000 (Miliyoona Afuriin) gaafa 25/06/2016 sa'atii 4:00 - 6:00tti iddo qabeenyaa kun argamuti caalbaasii ifa ta'een akka gurguramu manni murtii ajajeera. Kanaafuu namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddo, sa'atii fi guyyaa jedhametti dhiyaatanii bitachuu kan dandeessan ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Sabbataa Awaas.

### **Caalbaasii**

manajirenyaa Magaalaa Mararoo keessatti Maqaa Obbo Shifarrraa Girmaa Asfaawuutiin galmaa'ee beekamu Lakk. Kaartaa abbaa qabeenyummaa isaa 818/209/2014 kan ta'e lafa kaaree meetira 448M<sup>2</sup> irratti argamu Baankii Siinkee W.A Damee Maraaroo idaa baankii deebisuu didan deebisiifachuuf gatii ka'umsaa caalbaasii qarshii 709,427.49tiin gaafa 28/06/2016 sa'atii 4:00 - 7:00tti caalbaasii ifa ta'een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan dhiyaattanii dorgomuudhaan bitachuu kan dandeessan ta'u ni beeksifna. Distirkii Adaamaa (Damee Mararoo)

Himataan Baankii Siinkee Damee Gafrsaa Noonnoofi Himatamaa Ashabbir Fiqiree fi Boggalee Fiqiree fa'aa N-2 jidduu falmii Hariiroo Hawaasaa jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/06/2016 deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattanii mirga keessaniif falmattan ta'e, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimmichi iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera M/M/O/Magaalaa Shaggar.

**Caalbaasii**

R/Himattuu Aadde Bataa Bashiiriifi R/Himatamaa Obbo Abduroo Burqaa gidduu falmii mana jireenyaa jiru ilaachisee mana jireenyaa irratti falmiin ka'e lafa bali'inni isaa kaaree meetira 140 irratti maqaa himatamaa kanaatiin galmaa'ee argamu ka'umsaa caalbaasii qarshii 1,467,159.53tiin gaafa 25/06/2016 sa'aati 3:30 - 6:30tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Kuraa jiddaa.

Guddaa Alamaayahu Nagahee Lakk.isaa 048838 ta'e maqaa Aadde Maartaa Adimaasuutii galmaa'ee kennameef na jala bade jechuudhaan ragaa bade kan bakka bu'e akka kenniuuf gaafataniiru. kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu'e kan hojenne kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

**Aadde Birkiit Kaasaatiif****Bakka Jirtanitti**

Iyyataan Aja/100 Muhammad Faantahuuniifi waamamtuu isin jidduu falmii jiru ilaachisee kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/06/2016 sa'aati 3:30irratti dhiyaattee akka deebiishii kennatu ta'ee, yoo dhiyaachuu baatte mirgi deebii kennachuushii kan bira darbamuu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Walmaraa.

**Obbo Amiir Abdurahamaaniitiif****Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Adinaan Abdurazaaqiifi Himatamaan isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/06/2016 sa'aati 4:00 irratti deebii ittisaa keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan ta'ee, kan hin dhiyeeffanne taanaan mirgi keessan bira darbamee bu'uura himanna dhiyaateen murtiin kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

**1<sup>ffa</sup> Tsiyoon Malaakuutiif****2<sup>ffa</sup> Salaam Taammiruutiif****3<sup>ffa</sup> Tizzitaa Nagaashiitiif****4<sup>ffa</sup> Ismaa'eel Bassuufiqadaatiif****5<sup>ffa</sup> Yoonaas Tsaggayeetiif****6<sup>ffa</sup> Geetaasawu Mollaatiif****7<sup>ffa</sup> Eefireem Mulugeetaatiif****Bakka Jirtanitti**

R/Himataan Fira'oool Silashiiifi R/Himatamtoonni isin jidduu falmii Himata raawwii jiru ilaachisee murtii kanatti raawwiif barbaadamuu keessan beektanii beellama gaafa 08/06/2016 sa'aati 4:00irratti akka dhiyaattan marni murtii ajajeera. M/M/A/Walisoo.

**Wallagga**

Obbo Taaffasee Hundeessaa mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu Lakk. isaa 764/88 ta'e bali'inni isaa ---- ta'ee fi lakkofsi kaartaa isaa --- irratti argamu dabarsanii Sanbataa Mardaasaatti gurguraadheraa waan jedhaniif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Niiti Du'aafi Bulchituu Qabeenyaa Du'aa Obbo Tuulii Ayyaanaa kan ta'an Aadde Atsadee Ayyaanaa kan jedhaman bu'uura Dhaaltummaa manni murtii Aanaa Sayyootti bulchituu qabeenyaaaf haadaha manumma ta'uu isaanii murteesseen mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk. kaartaa isaa ----- ta'e gahee fuula isaanii mana jireenyaa bali'ina lafaa 500M<sup>2</sup> ta'e maqaa Obbo Tuulii Ayyaanaatiin gibirrii itti gabbaramaa jiruu gara maqaa isaaniitti jijirachuu iyataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. kan hin dhiyaanne yoo ta'e maqaa jijiirraa raawwachuu maqaa Dhaltootaattin kaartaan hojetamee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Obbo Girmaa Joorbeesaa mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 01 keessatti argamu Lakk. kaartaa isaa 696/BIFLMQHS/2012 ta'e bali'inni isaa 200M<sup>2</sup> irratti argamu dabarsanii Aadde Hawwii Shifaraatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Obbo Abdalla Alee mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 01 keessatti argamu Lakk. kaartaa isaa 536/MMLMHS/2012 ta'e bali'inni isaa 222.3M<sup>2</sup> irratti argamu dabarsanii Obbo Girmaa Riqtaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Obbo Dammalaash Abitawu Farradee mana jireenyaa Magaalaa Gimbi ganda 04 keessatti argamu ballinnisa 160M<sup>2</sup> irratti argamu Lakk. Kaartaasaa 04/2672/2015 ta'e Aadde Iddilee Kenesaa Tolaatti gurgurachuu waan barbaadaniiif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Waaqjiraa Tolaa mana Jireenyaa Magaalaa W/Jiruu ganda 01 keessatti argamu Lakk. manaa 1235 balina lafaa 200M<sup>2</sup> Lakk. Kaartaan isaa 544/WLMWJ/2016 ta'e dabarsanii B/sa Eebbisaa Taayyeetti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Warra Jiruu.

Obbo Gammachis Tolaa Gurmeessaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti argamu Lakk. manaa haaraan -- Lakk. Kaartaan isaa 3504/2012 ta'e dabarsanii Obbo Sooreessa Dabalii Oliqaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

B/sa Eebbisaa Taayye mana Jireenyaa Magaalaa W/Jiruu ganda 01 keessatti argamu Lakk. manaa haaraan 242 balina lafaa 210M<sup>2</sup> Lakk. Kaartaan isaa 518/ALSWLMWJ/2014 ta'e dabarsanii Obbo Gammachuu Nagaasaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Warra Jiruu.

Obbo Maridee Mallasaa Qanno mana Jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa -- ta'e bali'ina lafaa 200M<sup>2</sup> ta'e irratti argamu dabarsanii Masarat Abarraa Qana'aatti gurgurachuu waan barbaadaniiif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Fayyisa Karoorsaa Galataa mana jireenyaa Magaalaa Goorii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 334/W/I/L/M/G/2012 kan ta'e lafa kaaremeetira 250 irratti argamu Obbo Qumiballaa Qalbeessatti gurgurachuu waan barbaadaniiif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Goorii.

Obbo Mangistuu Immiruu mana jireenyaa Magaalaa W/Jiruu ganda 02 keessaa qaban Lakk. isaa 1098 kan ta'e Lakk. Kaartaa isaa -- kan ta'e lafa kaaremeetira 200M<sup>2</sup> irratti argamu Obbo Ballinaa Tarfaasaatti gurgurachuu waan barbaadaniiif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jiruu.

Obbo Amsaluu Moosisaa Odaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01keessatti argamu Lakk. mana duriin 01-0232 Lakk. Kaartaan isaa 2083/2009 ta'e dabarsanii obbo Dassaalenyi Abarraa Kabaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Dassaalenyi Abarraa Kabaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01keessatti argamu Lakk. mana duriin 01-1238 Lakk. Kaartaan isaa 2583/2010 ta'e dabarsanii obbo Oliyad Amsaluutti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Maatiyoos Margoo Gurmeessaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03keessatti argamu Lakk. mana duriin 03-1119 Lakk. Kaartaan isaa 1321/2007 ta'e dabarsanii Aadde Eebbisaa Caalii Kabaatti gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Aadde Birgee Alamuu Nigusee mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03keessatti argamu Lakk. mana duriin -- Lakk. Kaartaan isaa 4256/2014 ta'e dabarsanii obbo Gammachiis Adimaasuu Namarraatti gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Baayyisaa Bultii Tolasaa mana Jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 03keessatti argamu Lakk. mana duriin -- Lakk. Kaartaan isaa 596/2006 ta'e dabarsanii Obbo Fiqiruu Kumarraa Yadaataatti gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

## Adeemsa tumaa seera Gadaa . . .

Seera laaftoo Qumbii-haa ta'u  
 Seera odaa Bisil -haa ta'u  
 Meeakkana jedhii luka qabadhu -koottu  
 Akka ati dhuftee tolaan haa dhufu -haa ta'u  
 Abbaan Bokkuus korma qalee bara kana hoofkoluudhaaf-haa ta'u  
 Akka rifaatuu hin taane-haa ta'u  
 Akka ayyaanni koo natti hin rifanne-haa ta'u  
 Akka ayyaanni abbaa koo natti hin rifanne-haa ta'u  
 Akka abdaariin natti hin rifanne-haa ta'u  
 Abdaarii kanatti korma qaluudhaan-haa ta'u  
 Akka nutti hin rifanne-haa ta'u  
 Tumaa nuuf tumaa jedhanii-haa ta'u  
 Warri kun har'aa kaasanii -haa ta'u  
 Biyya eebbisu-haa ta'u  
 Waan biyyi jaalate ni jaalatu-haa ta'u  
 Waan biyyi jibbu ni jibbu -haa ta'u  
 Tumne seera-haa ta'u  
 Hin jigu hin dhangala'u-haa ta'u jechuun  
 tumu.

### Waraana ciibsuumi kaasuu

Adeemsa Tumaa Gadaa keessatti waraana ciibsuumi kaasuu hiikkoo olaanaa qaba. Waraanni ciibsuumi kaafamu Eeboodha. Eeboon kunis misesensota Gadaa fudhatanirra walitti qabamee ciibsama. Waaranni ciise akkanatti ol hin ka'u. Maallaqaafi coqorsatu irra kaa'ama. Kan irra kaa'u misesensota gadoomaniidha. Waraanni kun yeroo ciisus yeroo ka'us walitti qabamee al tokkicha malee qofaa qofaa hin ta'u. Yeroo Waraana ciibsaniifi kaasanis akkaana jedhu;

Nu utubi

Lafaan nu utubi

Namaan nu utubu

Sa'an nu utubi

Sanyiin nu utubi

Walitti nu qabi

Lafaan walitti nu qabi

Namaan walitti nu qabi

Sa'an walitti nu qabi

Sanyiin walitti nu qabi

Mataa diina gadi qabi

Mortuu gadi qabi

Qanyisaa gadi qabi

Diina Oromoo gadi qabi jedhu.

Haala kanaan Abbootin Gadaa seera Gadaa dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa ilaachisee Tumaa Gadaa tumuun hawaasa bulchu. Hawaasnus tumaa kana ni sodaata; ni kabaja;ittiin bula.

*Waajjira Kominikeeshinii Aanaa  
 Liiban Jaawwiitu Maanguddootaafi  
 Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanichaa  
 wabeeffachuun gabaase*

## Haqaqabeessummaa seera . . .

hin arganne ta'ee qaama ibsa irratti kennuu danda'uufi itti gaafatamummaa guutuu fudhachuuf mirgi hojii kalaqa seensa ni kennama.

Bu'uura labsichaa kwt 18tti safartuuwwan hojii kalaqa tokkof beekamtii seeraa kennisiisu danda'aniifi safartuuwwan hojii kalaqa seensaaf beekamtii kennisiisu danda'an kan wal-fakkaataan yoo ta'eliee hundeen mirga kalaqa seensa, mirga kalaqa biyya alaa waan ta'eef mirgi kalaqa seensa akka kennamuuf qaamni iyyatu lakkofsa mirga kalaqicha biyya alaati kennameef, maddaa, guyaa yookaan odeeaffanno barbaachisaa ta'e hin beeku taanaan bakka itti argamu ibsuu qaba labsii kwt 19(1-2) jalatti.

Labsii kwt 11 (2) irratti qajeeltoo dugda wal fudhachuu kan hordofe ta'uunsaa akkuma eegametti ta'ee iyyataan hojii kalaqa seensa kwt 11(2) irratti yeroon wagga tokkoo utuu hin xumuramiin dura iyyata abbummaa hojii kalaqa biyya alaa ta'uusaa dhiyyeessu yoo baate yookaan bu'uura kwt 21tti yeroon kaa'ame keessatti kalaqichi hojii 26 qabatamaatti hin jijiiramne taanaan mirgi hojii kalaqa seensa gatii dhabeessa yookaan seeraan fudhatama akka hin qabaanne ni taasifama.

Bu'uura kwt 20(1)tiin gaaffii qaama dhimma ilaalu dhiyeessuun mirgi hojii kalaqa seensa kun mana murtiin akka haqamu ni taasifama labsicha kwt 36. Mirgi hojii kalaqa seensa seera duratti fudhatamummaa qabaatee turuu kan danda'u beekamtii argatee wagga sadii booda wagga waggatti hojii irra ooluusa dirqama mirkaneessuufi kaffaltii wagga kaffaluu qaba. Mirgi kun seera duratti hanga wagga kudhaniitti fudhatamummaa qabaachuu ni danda'a.

Kaayyoon mirkaneessa mirga hojii kalaqa seensa hojiin kalaqa biyya alaati beekamtii argate biyya Itoophiyaatti akka seenu gochuun wal-harkaa fuudhinsi tekinoooloijii akka jiraatuufi damee kanarraa faayidaa argamuu danda'u duguuganii fayyadamuun misoomaaf akka oolu gochuun damee kanaanis ijaarsiifi gahumi humana namaa akka dabalu gochuudha.

Hojiiwan kalaqa xixiqqaaf eegumsa seeraa kennamuu sartifikeetii moodeli tajaajilaa akka ta'e labsii lak 123/1989 kwt 38fi dambiin lak 12/89 kwt 39 irra hubachuun ni danda'ama. Akkuma hojii kalaqa moodeli tajaajilaa hojiwwaan eegumsi seeraa

kennamuufi hin kennamne of keessatti hammatee jira. Mirga hojii kalaqa xixiqqaaf eegumsa seeraa modeeliin tajaajilaa mirga hojii kalaqa kennaman wajjin yeroo madaalamu salphaa, qaalawaa kan hin taaneefi daandii saffisa mirga kalaqa eegsisu danda'u waan ta'eef namoonni karaa mirga isaaniitiin kabachifachuu danda'aniidha. Hojii mirga kalaqa kennameef yookaan qabeenya ummataa qabiyee, amala, yookaan raawwannaanisaanii jijiiranii haala fayyadama isaatiin yookaan kaayyoo yaadameen fooyyessuu kan hin hordofsiifne yoo ta'e malee bocaan, qabiyeeen jijiiramna taasifamuuf eegumsi moodeliin tajaajilaa hin taasifamu labsii kwt 40(1) jalatti.

Gurmaa'iinsa wal-nyaatiinsa wantoota beekamoo ta'an raawwannaal wal-fakkaatu kan qaban gurmaa'iinsa wantoota beekamoo kan biraan bakka buusuufi faayidaa argamu yookaan haala raawwannaal irratti fooyya'iinsa tokkoyyuu kan hin hordofsiifne yoo ta'e ,labsicha kwt 40(2) jalatti raawwatama.

Mirgi kun seera duratti fudhatamaa ta'ee turuu kan danda'u wagga shaniifyoo ta'uu kalaqichis hojiwwan biyya keessaaf hojii irra ooluun isaa mirkanoofnaan dabalataan waggoota shaniif haareffamuu ni danda'a. Yeroon mirgi kun cabu tarkaanfiwwan fudhatamanilaachisee biyya Ameerikaatti itti gaafatamummaa seera hariiroo hawaasaa ) qofa kan hordofsiisu yoo ta'u biyyoota Faransaayiifi Awustiraaliyaatti itti gaafatamummaa yakkaas kan hordofsiisuudha.

Seera biyya keenyaatiinsi beenyaan seera hariiroo hawaasaa kwt 2027fi itti fufanii jiraniin kan gaafachiis yoo ta'uu yakkaan ammoo seera yakkaa kwt 721n ni adabsiisa. Dizaayinii Industirii dizaayinii industirii jechuun maal jechuudha? Dizaayinii industirii jechuun qindoomina haalowwanii yoo kaan sararootaa fi halluwwanii wajjiin kan wal-qabatu yoo kaan wal-hin qabanne boca rog-sadii yoo tahuu qindoominichi yoo kaan bocichi bu'aa industirii yoo kaan ogummaa harkaaf bifaa addaa kan kennuufi oomisha industirifi ogummaa harkaatiif akka dizaayiniitti tajaajiluu kan danda'uudha jedhamee kwt 2(2) irratti hiikameera.

*Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa  
 Federaalaatiin qophaa'ee Inistiitiyuutii Leenjii  
 Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qo'annoo Seeraa  
 Oromiyaatiin hiikamee leenjii leenjifamtoota hojiin  
 duraatiif dhiyaate*

## Nyaata guyyaatti . . .

soorachuun garaa nama afuufuu dabalaee jeeqama sirna soorotaa fiduu waan danda'uuf hin gorfamu jedhan.

### Guyaatti yeroo meeqa soorachuun qabna?

Gaaffiin kun falmisiisaa ta'us, ogeeyyiin BBC'n dubbise garuu gaaffiin kun baayyee yaachisaa akka hin taane himaniiru. Dhimmi murteessaafi ijoon guyyaatti akaakuu soorataa qaamaaf barbaachisoo ta'an argachuudha jedhan. Kun ammoo yeroo adda addaafi hangisaas adda adda ta'u mala jedhaniiru. Yaadni kun kan ilaallatu namoota ga'eeyyii rakkoo fayyaa jabaa hin qabnedha ta'uus himan. Daa'imman addatti garaagarummaa yeroo murtaa'etii iir deddeebiin soorachuun akka qabqabnidha kan dubbatan.

Kana waan ta'eefis namootni kun yeroo eeganii ciree, laaqanaafi irbaata osoo bira hin darbiin soorachuun saayinsummaarra gara barmaataatti kan siiqudha ogeeyyiin kan nhiman.

Saayinsiin qabiyyeewwan nyaataa namni guyyaatti argachuu qabu lafa kaa'era' jedhan Dr Qaal'aab. Kanaafuu, kan ilaalamu hanga qabiyee argachuun danda'amuutii malee sa'a soorataa ykn marsaa soorataa guyyuu waan hin taaneef si'a meeqa sooracvhuutu barbaachisa kan jedhu banaadha jedhan ogeeyyiin. Ta'us, miira beelaa dagachuun sirii akka hin taaneefi deebii itti kennuun akka barbaachisaa himaniiru. Guyyatti si'a sadii nyaachuun sirna nyaataaf mijataadha jedhu. Dr Maasreshaan guyyaatti yeroo sadii ol nyaachuun ulfaatina qaamaa dabaluuf sababa ta'a jedhu.

Umriifi fayyaarratti hundaa'uun garaagarummaa qabaatus, sooratni garaacha keessa sa'a afuriif turuu akka danda'u kan himan ogeessi kun, garaachi akka hin muddamneef garaagartummaa sa'a afuriif(sooratni garaacha keessa daakamee erga qama guutiitti deemee booda) soorachuun ni gorfama jedhu.



# Ispoortii



## Waldorgommii Biskileettii Wancii

**W**aldorgomiin Biskileettii marsaa jalqabaa Wanciitti adeemsifame Naannolee 7, Kilabota 12 fi Bulchinsota Magaalaa Finfinneefi Dirre-Dhawaa hirmachise olantummaa Godina Shawaa Kibba Lixaafi Akkaadaamii Itoophiyaan goolabame.

Kaayyoon waldorgommii Biskileetti Wancii, carrawwan gaggaa IIkkoo Turizimiin Wancii Ispoortiffide hawaasa biyya keessaafi Idil-Addunyaatti beeksisuun yaa'insa turiizimii damee garaa garaa uumuuf yaadameeti.

Dorgommii KM 30 dhiiraan Ye'aabsiraa Kaasaahuun Magaalaa Shaggarirraa 1ffaa, Daani'el Baddiluu Magaalaa Baatuurraa 2ffaa, Hamzaa Musxafa Magaalaa Jimmaarraa 3ffaa bahuun yoo xumuran, Dorgommii KM 70 saala walfakkaatuun Mudasir Asiraat Akkaadaamii Itoophiyaarrraa, Fu'aad Kamaaliifi Bahaayiluu Fiqree Poolisii Finfinneerra wal duraa duubaan 1ffaa hanga 3ffaaan goolabaniiru.

Dorgommii Biskileettii KM 10'nii dubartootaan Maartaa Kaasaahuun, Tsion Fissahaafi Qaalkidaan Wandimmuu Bulchiinsa Magaalaa Shaggarirraa 1ffaa hanga 3ffaaan xumuraniiru.

KM 30n, Tigist Kaasaahuun Shawaa Kibba Lixaarrraa 1ffaa, Leeloo Hundee Bulchiinsa Magaalaa Finfinneerra 2ffaa, Maalefiyya Shifarrraa 3ffaa yoo xumuran dorgomtoota sadarkaa 1ffaa-6ffaatti bahanif badhaasni qarshii, meedaaliyaafi waancaa kennameera..

Calallii Waliigalaa dubartootaan, Tigist Kaasaahuun shawaa kibba Lixaarrraa, dhiiraan Mudasir Asiraat Akaadaamii Itoophiyaarrraa tokkoon tokkoonsaanii Waancaafi Biskileettii badhaafamaniiru.

Sagantaa kanarratti Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastara Hawaasummaa Oromiyaa Obbo Abdulhaakiim Muluu, Hoogganaa Biirroo Dargaggoofi Ispoortii Oromiyaa Obbo Maatiyoos Sobbooqaa, Hooggantoota sadarkaa sadarkaan jiraniifi hawaasni naannichaa argamaniiru.

Qaamolee milka'ina sagantichaaf gumaachaniifis beekamtiifi waraqaan ragaa kennameera.

## Kilooppiin bakka bu'uuf Aloonsoo, De Zerbiifi Neegilsmaan maqaa dhahamaa jiru

**B**ara dorgommii kana booda Liiver Puul waliin kan adda bahan Jargan Kilooppiin leenjistoonni bakka bu'uuf danda'u jedhaman maqaa dhahamaa jiru. Isaan keessaas taphataan kilabichaa duraaniifi yeroo ammaa Baayer Leeverkusaniin leenjisa jiru Zhaavii Aloonsoo. Leenjisa biraayitan di-Zerbiifi leenjisaan Garee biyyaaleessaa Jarmanii kanneen maqaansaanii dhahamaa jiranidha.

Akka ogeessi dhimma jijiirraa taphattootaa leenjistootaa akkasumas kilabootaa gabaasuun beekamu Faabriiziyo Roomaanoon garuu hojii Kilooppi kilabicha keessatti jalqaban itti fufsiisuuf Zhaavii Aloonsoofi di-zerbii waliin mariin keessoo jalqabamuu himeera.

Yargan Kilooppi "humnakoo fixachaan jira" jechuun, dhuma bara kanaatti kilabicha akka gadhiisan tibba darbe kan himan yoo ta'u, deggartoota Liiver Puul biratti rifaatuu guddaa uumeera.

Kilooppi bara 2015 kilabicha leenjisuu kan jalqaban yoo ta'u, kontiraanni qabanis hanga 2026tti ture.

Bara 2019 kilabicha injifanno Chaampioons Liigii kan gonfachiisan yoo ta'u, wagga 30timmoo yeroo jalqabaaf Piriimiyeer Liigii akka injifatu taasisaniiru.

Oduun kun kan dhagahames wayita Liivarpuul Pirimeer Liigiirra sadarkaa jalqabaarra taa'ee dursaa wayita jirutti.

Kilooppi kilabicha waliin akka gargar bahan tibbana miidiyaan ifa taasisanis kilabichatti garuu erga himanii ji'l lama darbeera. Kilabichis fedhii leenjisichaa hubachuun gaaffii dhihaateef fudhateera.

"Waa'ee kilaba kanaa waa hundan jaaladha, magaalattiis akkasuma. Deeggartoota keenya, garee kana, hujjetoota nan jaaladha. Haala kana keessatti murtoo kana murteessuun kiyya, hangam barbaachisaa tahuu mul'isa.

"Akkamiin ibsuu danda'a, humnikoo dadhabaa jira. Ammatti rakkoo tokkollee hin qabu. Garuu yeroo dheeraaf murtoo kanarra gahuu akkan qabu beekan ture. Hojii kana itti fufee (yeroo dheeraaf) hojjechuu waanan danda'u miti."

Kilooppin alatti gargaarttonni leenjisaa Pepijn Lijindersiifi Piitar Kirawitz akkasumas leenjisaa Vitor Maatos leenjisaa kana wajjin kilabicha kan gadhiisan taha.

Leenjisaa lammii Jarman kun erga kilabicha leenjisuu eegalee, kilabichi akkaan milka'eera.

2019 keessa magaalaa Maadriiditti Totanihaamiin mo'achuun yeroo shanaffaaf Chaampioons Liigii akka



injifatan taasise.

Ittaansunis 'Uefa Super Cup' fi 'Fifa Club World' injifatan. Bara ittaanuttimmoo waancaa Pirimeer Liigii injifataniiru. Bara kanas Piriimiyeer Liigii dursaa kan jiran yoo ta'u, 'FA CUP' xumuraaf gahaniiru. Liigii Awurooppaanis marsaa itti aanutti kan darban yoo ta'u, waancaa afurii morkataa jiru.

Ga'eessa umrii wagga 56 kan ta'an Kilooppi dadhabeera Liiver Puuliin gadi dhiisuun barbaada jedhanis leenjisumaarraa guutumaan guutuutti kan adda bahan akka hin taaneefi garee biyyaaleessaa Jarmanii leenjisuu karoora akka qabanis odeeoffamaa jira.

Taphataan Liiver Puul duraaniifi lee njisaan Baayer Liiverkusian yeroo ammaa Zhaavii Aloonsoon hojiin kilaba Jarman keessatti hojjechaa jiru Liiver Puuliin leenjisuu sadarkaa duraatti warra kaadhimaman keessaa tokko ta'u danda'eera.

Biraayitan waliin yeroo gaarii dabarsaa kan jiraniifi seenaa kilabichaa keessatti hirmaanna walajjii awurooppaa jalqabaa akka argatu kan taasisan di-zerbiinis sadarkaa duraarratti kaadhimamuun kilabicha waliin keessoon mari'achaa jiraachuu dhagaa'ameera. Leenjisaa garee biyyaaleessaa jarmanii Juuliyan Neegilsmaanis sadarkaa itti aanun kaadhimummaan qabamanii jiraachuunsaanii dhagaa'ameera.

Bifa wal fakkaatuun Leenjisaa Baarseloona Zhaavii xumura bara dorgommii kanatti kilabicha akka gadi dhiisuus dhagaa'ameera

Taphataa sarara gidduu Baarselonaaf Ispeen kan ture Zhaaviin, kilaba Kuwaataar Al-Saddi jedhamu erga gadhiisee booda Sadaasa 2021 iraa kaasuun Baarsaa leenjisaa jira.

Bara dorgommii jalqabaatti Baarsaan Waancaa Ispeen akka fudhatu kan taasise yoo ta'u, bara kana garuu gahumsa gadi aanaa agarsiisa jiruun kilabichi haala salphaan injifatamaa jira. Sambata darbe kana dirreesaarratti Viilaariyaaliin 5-3'n mo'amuu qabxii 10'n dursaa Laaligaa Giroonaarrraa qabxii 10 fagaatee sadarkaa 4ffaarraa taa'uf dirqameera.

Zhaaviin taphoota 767 irratti Baarsaaf hiriiree taphate keessatti goolii 85 bara 1998-2015tti galcheera. yeroo 25 badhaasota kabajaa adda addaa argateera.

Umriisaa wagga 44 irra kan jiru Zhaaviin Pirezidaantii Baarseloona Jo'aan Laappoortaa, pirezidaantii itti aanaasaanii Raafaa Yuustefi daayreektara ispoortii Deekoo waliin erga mariyatee booda dhuma dorgommii bara kanaatti kilabicha waliigalteen gadi dhiisuuf murteessuurrha kan gaheef.

Leenjisichi Baarseloona akka gadi lakkisu erga dhagaa'amee booda miidiyaaleen ispoortii tokko tokko akka jedhanitti Arsenal waliin yeroo gaarii dabarsaa kan jiru taphataan pirojekti Baarseloona Laamaasiyyaa maayikil Arteettaan leenjisummaa Nuukaampitti imaluuf jedha jechuun gaabaasanis Arteettaan garuu Arsenal waliin waggoota dabalataaf akka turuufi wanti odeeoffamaa jiru soba dhugaarraa fagaatedha jechuun ifatti waakkateera.